# QAACCESSA FAYYADAMA  AFAANII KITAABA SEENAA OROMOO HANGA JAARRAA 20[FFAA]

**TAMASGEEN OLJIRRAA**

**YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA,2011|2019**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA FAYYADAMA AFAANII KITAABA SEENAA OROMOO HANGA JAARRAA 20[FFAA]

**TAMASGEEN OLJIRRAA**

**GORSAAN: Dr. DINQEESSAA DHEERESSAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**

**AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN**

**GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN**

**OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2011**

**FINFINNEE**

**Yuunvarsiiii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Boodaa**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Tamasgeen Oljirraa Mata duree: Qaaccessa Fayyadama Afaanii Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaajedhu qophaa'ee sadarkaa yuunivarsiitiin kaa'ee guuteera.

## Koree Qormaataa

Qoraa Alaa______________________Mallattoo_____________Guyyaa________

QoraaKeessaa____________________Mallattoo _____________Guyyaa_________

Gorsaaa_________________________Mallattoo_____________Guyyaa_________

_______________________________________________________________

**Itti Gaafatamaa Muummee /Dindeessaa Digirii Lammaffaa**

## Axereera

*Kaayyoon qorannoo kanaa fayyadamni afaanii kitaaba Seenaa Hanga Jaarraa 20ffaa keessatti maal akka fakkaatu qaaccessuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuudhaaf mala qorannoo akkamtaa gargaarameera. Ragaalee mala funnaansa sakkatta'a dokumaantiidhaan funaanamee dhimma itti bahamee jira. Ragaaleen meeshaa funaanasa kanaan argamees akkaataa duraa duuba isaniin tarreeffamuunxiinxalamee ibsameera. Haaluma kanaan bu'aan qorannoo kanaa akka mul'isuutti, kitaabni seenaa kun rakkoo fayyadama afaanii akka qabu kan mul'isee yoo ta'u, keesummattu, fayyadama jechootaa ergifannaa, jechoota loogaafi jechoota safuu irratti hanqinni bal'aan akka ta'ee mul'isa. Kanaafuu, argannoo qorannoo kanaarratti hundaa'uun yaadni furmaataa kennamees, barreeffama keessatti jechoota ergisaa fayyadamuurra, jechoota afaanichaa fayyadamuu, fayyadamni jechootaa barreeffama keessatti aadaafi duudhaa hawaasaa afaanichaaf ofeeggannoo gochuu akka qabu taa'eera.Hanqina fayyadama jechoota loogaan mul'atanseera afaan waalteessuun, ogeeyyii barnootaafi barattootni akkasumas barreessitootni gaheenurraa eegamuu bahuun guddina afaanichaaf gumaachuun barbaachisaadha.*

## Galata

Hunda dura waaqayyo inni fayyaa naaf kennee haala hundaa keessatti na gargaaree kanaan na gahe haa ulfaatu. Itti aansuun, qorannoo kana milkeessuuf deeggarsa barbaachisu kan naaf godhan gorsaa koo, Dr. Dinqeessaa Dheeressaa guddaan galateeffadha. Akkasumas, yeroo hundaa yaadaafi yeroo ishee naa kennuun akka ani qorannoo kana fiixaan baafadhuuf deeggarsa gama hundaan waan naaf taasisteef haadha manaa koo barsiistuu Gaaddise Guyyaasaa guddaan galatoomsadha.Akkasumas, maatii koofi obboloota koo yeroo rakkisaa keessatti yaadaanis haa ta’uu maallaqaan na deeggaraa turan hundaafuu galanni koo daangaa hinqabu. Dabalataanis mana barumsaa Aliiboo Sadarkaa lammaffaa qorannoo kana akkaan galmaan gahuuf wayitii hojii koo kanneen naa mijeessan hundaaf galanni koo xiqaa miti. Itti dabaluunis, namoota kitaabolee garaa garaa ergisuun deeggarsa naa godhaniifinamoonni fiixaan bahumsa qorannoo kanaaf qooda qabdan hundi keessaniyyuu galatoomaan jedha.Dhumarrattis, barreessaa kitaaba “Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa $20^{ffaa}$“jedhu kana kanbarreessee Alamaayyoo Haayileetiif galatni koo daangaa kan hin qabnedha.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeera ... i

Galata ... ii

Tarreeffama Gabateewwanii ... v

Boqonnaa Tokko: Seensa ... 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ... 2

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ... 3

1.4. Faayidaa Qorannichaa ... 4

1.5 Daangaan Qorannichaa ... 4

1.6. Hanqina Qorannichaa ... 5

1.7. Qindoomina Qorannichaa ... 5

Boqonnaa Lama: Sakatta'aa Barruu ... 5

2.1. Sakatta'aa Barruu Yaadrimee ... 5

2.1.1 Maalummaa Afaanii ... 5

2.1.2. Barbaachisummaa Fayyadama Afaanii ... 7

2.1.3. Maalummaa Jechootaa ... 10

2.1.4. Faayidaa Jechoota Filachuu ... 11

2.1.5. Akaakuwwan Jechootaa ... 12

2.1.5.1. Jechoota Idilee (formal words) ... 12

2.1.5.2 Jechoota Al-idilee (informal words) ... 13

2.1.5.2.1. Fayyadama Jechoota Ergifannaa ... 13

2.1.5.2.2. Fayyadama Jechoota Loogaa ... 14

2.1.5.2.3 Fayyadama Jechoota Safuu ... 16

2.1.5.2.4. Fayyadama Jehoota Ogummaa ... 18

2.1.5.3. Fayyadama Jechamoota ... 18

2.1.6. Wantoota Jechoota Itti Fayyadamnu Murteessan ... 19

2.1.6.1. Aadaa ... 19

2.1.6.2. Sadarkaa Barumsa Dubbisaa........................................................................ 20
2.1.6.3. Qabiyyee Barreessinu ........................................................................ 20
2.1.6.4. Sadarkaa irratti Dhiyaatu ........................................................................ 21
2.2 Sakatta’a Barruu Walfakkii........................................................................ 21
2.3. Yaaxxina Qorannichaa........................................................................ 23
Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Malawwan Qorannichaa ........................................ 24
3.1. Saxaxa Qorannichaa........................................................................ 24
3.2. Mala Qorannichaa........................................................................ 24
3.3. Tooftaawwan Xiinxala Ragaalee ........................................................ 25
Boqonnaa Afur: Ibsaa fi Qaaccessa Ragaalee ........................................ 26
Seensa ........................................................................ 26
4.1. Fayyadama Jechoota Ergifannaa........................................................ 28
4.2. Fayyadama Jechoota Loogaa ........................................................ 33
4.3. Jechoota Safuutti Fayyadamu ........................................................ 37
4.4 Fayyadama Jechoota Ogummaa ........................................................ 41
4.5. Jechoota Idilee Seeran Fayyadamurratti ........................................ 43
4.6. Fayyadama Jechoota Faallaa........................................................ 44
4.7. Fayyadama Jechoota Moggoo........................................................ 47
4.8. Fayyadama Jechoota Galumsaa ........................................................ 49
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo........................................ 52
5.1 Cuunfaa........................................................................ 52
5.2. Argannoo........................................................................ 53
5.3 Yaboo Qorannichaa ........................................................................ 53
Wabii........................................................................ 55
Dabalee A
Dabalee B
Dabalee C

## Tarreeffama Gabateewwanii

**Fuula**

Gabatee A1 Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota Ergifannaa kitaabichaa Keessaa........................... 28

Gabatee A2 Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota Ergifannaa Kitaabicha Keessaa ........................... 30

Gabatee B1 Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota Loogaa Kitaabicha Keessaa ................................. 33

Gabatee B2 Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota Loogaa Kitaabicha Keessaa ................................. 35

Gabatee C Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota Safuu Kitaabicha Keessaa...................................... 37

Gabatee D Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota Ogummaa............................................................... 41

Ibsa Ragaa E fayyadama Jechoota Faallaa ..................................................................................... 44

Ibsa Ragaa F Fayyadama Jehoota Moggoo ..................................................................................... 47

Ibsa Ragaa G Fayyadama Jechoota Galumsaa.................................................................................. 49

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Afaan meeshaa waliigaltee ilmanamaa ta’ee kan namoonni bakka garaa garaatti tajaajila adda addaatiif hojiirra oolchaniidha. Fayyadamni afaaniiyeroofi iddoofayyadama garaagaraa qabaachuu isaati. Kunis fayyadamni afaanii iddoowwaniifi akkaataa fayyadama isaa irratti ga raagarummaa qabachuu isaa kan agarsiisuu dha. Yaada kana deegaruunHodgefiKress (1993:257**)** yommuu ibsan “Languagae is to treat as an ideology, actionalandrelational classification of thoughtand ideasshould be taken into consideration,”jedhu. Yaada kanarraa akkumahubatamuafaan ilma namaa wantoota akka ilaalchaa, gochaawwan raawwatamuufiyaada garee walfakkaatuu adda addaa xiyyeeffannookeessa galchuun akka walii galan taasisa. Dimshaashumatti,haala fayyadamaafaanii ilaalchisee, hawaasni gareetokkoo haala waliin jiraatu irrattihundaa’ee garaagarummaanfayyadamuu afaaniijiraachu akka danda’u hubachuunni danda’ama. Kana malees,barreeffama keessaatti jechootaidilee sirnaan fayyadamufiseerabarreeffama afaanichaasirriitti eeguunakkasumas, sirna tuqaaleefi qub-guddeessa haalaan fayyadamuu gaaafata. Namoonniakkaataa sochii jiruufi jireenya isaanii bu’uureeffachuun fayyadama afaanii dirree hojii garaagaraa irratti haala garaagaraatiin afaaniittifayyadamu.

Kanaafuu, barreeffama keessatti jechoota idillee fayyadamuun dhimma murteessaafi barbaachisaadha. Afaankeessatti haalli dhimma itti baanu beekuufi beekuu dhiisuun walqunnamttiifi walhubachuu keessatti dhiibaa niqabaata. Haala namoonni galumsa garaa garaa keessatti maaliif haala adda addaatin akka dubbatan,afaan faayidaa hawaasummaa akkamii akka kennu,kutaa hawaasa adda addaa keessatti dhaamsa akkamii akka qabu beekudhaaf ammoo,gaaffiiwwaanxiinqooqa hawaasaa ta’an kanneen akka eenyutu,eessatti,haala akkamii keessaattiifi maaliif akkadubbatamu beekuun barbaachisaadha. Afaan meeshaa dhalli namaa dubbiin ykn barreeffamaan ittiin yaada isaa ibsatuufi ittiin waliigalu isa olaanaadha. Innis akkaataa miidhagina qabuun afaaniitti tajaajilamanii yaada, fedhii, amantaafi falaasama qaban akkasumaas, dhugaa jireenya hawaasa hundaa kan ibsudha. Fayyadamni afaanii yeroofi iddooo murtaa’ee tokkotti ragaa baay’ina namooa dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicharratti namni sunqabu kan hammatudha.

Yaada kana deeggaruun Wolff (2000:85) akka ibseetti, "Itti fayyadama afaanii sirriitti hubachuufgaaffilee akka yoom, eessatti, maaliif, akkamiitt, maaliin, eenyuufi kan kana fakkaatan gaaffiilee xiinqooqa hawaasaan walqabatankaasuundubbachuunakka danda'amu," addeessa.Fayyadamniafaani haalahawaasni afaan gargaaramuun hojii tokko hojjetudha. Kunis ergaa afaan waan tokko hojjechuuf kan gargaaru ta'ee namoonni haala dubbii yookaan barreeffama guyyaa guyya keessatti dhimma daldalaa karoorraa, boqonnaa, falmii siyaasaafi kkf keesssatti itti fayyadamuudh.Fayyadama, afaanii Cooper (1976:10) yoo ibsu:

> *Fayadamni afaanii sababoota garaagaraa kanneen akka umurii, saalaa, barnootaafi kkf addaadda akka ta'ee ibsa. Fakkeenyaaf, barataan tokko mana isaatti maatii isaa, olla isaa, hiriyoota isaawaliin guddate, mana barumsaatti immoo barsiisota isaa waliin yeroo dubbatu garaagaradha.Barsiisaa isaa, namoota umuriin yookaan haala hawaasummaa adda addaatiin isa caalan yeroohaasoofsiisu, barsiifata hawaasummaa ofeeggannoon guutmeefi haala seerri afaanichaa eeyyamuun fayyadama.*

Akka yaada kanaatti, Fayyadamni afaanii haala adda addan garaagarummaa qabaachuu danda'a.Kunis fayyadamni afaanii sadarkaa barumsaan, koorniyaan, umuriin akkasumas haala bakka hojiifi hawaasummaan garaagarummaa waan qabuuf, barsiifata hawaasaafi seera afaanichaa eeguun fayyadamuun barbaachisaa ta'uu isaa ibsa.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Barreessitootni barreeffama isaanii dubbistoota isaanii bira gahuuf fayyadama afaanii garaagaraa fayyadamuun dhugaa hawaasa mul'isu.Barreeffamni barreessaan idileen barreeesse ergaa isaa dubbistoota isaatiin ga'u keessatti fayyadamni afaanii dhimma murteessaadha.Kunis jiruufi jireenya dhala namaa keessatti barreessaan haala qabatamaa hawaasaa keessatti raawwateefi raawwatamaa jiru mul'isuuf fayyadamni afaanii barreessaan ergaa dabarsuuf fayyadame gahee olaanaa qaba.Qoraataanis kitaabicha qorannaaf filatamuun dura yemmuu dubbise haalli fayyadama jechootaa barreessaan kitaabichaa fayyadamee barreesse hubachuun rakkisaadha.Haalli fayyadama afaan kitaabichaas rakkoo waan qabuuf kitaabicha dubbisee hubachuu hin dandeenye.Kana iraa ka'uun qorannoo kana akkaan gaggeessu isa kakkaase. Kana malees, qorannoowwan adda addaa hanga ammaatti gaggeeffaman baayyeen isaanii haala fayyadama afaanii barreeffama garaagaraa barreessitootni fayyadaman irratti malee kallatti qorannoo kanaan xiyyeeffannoo kennuun kan gaggeeffame hinagarre. Kun immoo, fayyadama afaanii kallatti barreeffama barreessan itti fayydameef xiyyeeffannoo kan hinlaanne ta'uu

mul’isa. Kana irraa ka’uun qorataanis fayyadama afaanii barreessaan kitaabichaa keessatti gargaarame kanfayyadama jechootaa irratti shakkii waan qabuuf ciminaafi hanqina fayyadama afaanii mul’atan qorachuudhaaf isa kakkaase.

Xiyyeeffannoon afaan bareeffamaarratti yoo ta’uu, kunis barreeffama kitaaba seenaa barreeffamaan jiran baayyee keessaa kan Alamaayyoo Haayileetiin barreeffame kitaaba “Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa” jedhu keessatti fayyadamni jechootaa kan barreessichaa bu’uura godhachuudhaan qorataan yeroo kitaabichi dubbise fayyadamni afaanii gama filannoo jechootaan barreessaan barreffamicha keessatti fayyadameef xiyyeeffannoon hinlaatamne yaadni jedhu sammuu issaa keessaa waan jiruuf. Kun immoo, barreeffamni barreessitootaan barreeffamu xiyyeeffannoo akka argatu gumaacha gochuu danda’a. Gama biraan, qorataan kana irratti gaggeessuuf kan kakkaase barreeffama kitaaba seenaa keessatti fayyadama afaanii dhiyaate xiinxaluun gumacha olitti tuqame taasisuu danda’a abdii jedhudha. Kana malees, gara fuulduraati xiyyeeffannoon barreessitootaafi dubbistoota barreeffama keessaa kan idilrr irratti akka xiyeeffatan gochuu danda’a. Hubannoo kanarraa kaa’uun, xiyyeeffannoon qorata hojii barreessaa Alamaayyoo Haayilee kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaabarreesse irratti gaggeessuuf kakka’e jira.

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadii deebisuuf yaala,

1. Kitaaba “Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa” keessatti fayyadamni jechootaa ergifannaa aamaal fakkaata?
2. Barreeffamni kitaabichaa jechootaloogaatti fayyadameeraa?
3. Barreessaan kunjechoota safuutti fayyadamee jiraa?
4. Kitaabni kun ija fayyadamajechoota ogummaatiin maal fakkaata?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Qorannoon kun Kaayyoowwan gurguddoo lama of keessatti qabata. Isaanis kaayyoo gooroofi gooreetti.

Kaayyoon goorooqorannoo kanaa barreeffama kitaaba “Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa keessatti fayyadamni jechootaa maal akka fakkaatu qaaccessuun ibsuudha.

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaaammoo armaan gadiitti kaneeraman ta’a,

1. Kitaabni “Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa” fayyadama jechoota ergifannaa maal akka fakkaatu adda baasuun ibsuu;
2. Barreeffamni kitaabichaa jechoota jechoota loogaatti fayyadamuu adda baasuun ibsuu.
3. Barreessaan kun jechoota safuutti akka fayyadamemirkaneessuu.
4. Kitaabnikun ija fayyadamajechoota ogummaatiin maal akka faakkaatu adda baasuu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Hojiin qorannoo kanaa
ergaa raawwatee booda bu’aaleearmaangadii nigumaacha jedhameeamanama

- Qorattoota mata duree kanaan walfakkaturatti bal’inaan qorannaa gaggeessuu barbaadaniif ka’umsa ta’uuf ni danda’a.
- Namoonni afaanichaanhojjetaniifi barattootni irraa barachuu danda’u.
- Koree Waalta’ina Afaan Oromoorratti hojjetaniif akka madda ka’umsaatti ta’uun fayyaduu danda’a.
- Namootni barreeffama isaanii keessatti akka jechoota idileetti fayyadaman jajjabeessa.

### 1.5 Daangaan Qorannichaa

Qorannoon kun qaaccessa haala fayyadama afaanii kitaaba” Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa irrattikangaggeeffameyemmuu ta’u, qorannichis kitaabicha keessaafayyadama jechootaan qaaccessuufi ibsuurratti kan daangeffamedha.

Qorataanis fayyadama afaanii kitaabicha keessatti barreessaan gargaarame ija fayyadama afaaniikan jechoota al-idileefi idilee kanneen akka jechoota ergisaa, safuu, loogaa, ogummaafi jechoota idileen duraa duuba isaaniieeguun qaaccessameera.Haaluma kanaan fayyadama afaanii jechoota idilee agarsiisan akkasumas fayyadama jechoota loogaa, safuu, ergisaafi jechamootaa kitaabicha keessatti tamsaa’anii jiran akaakuu isaaniitiin qoqqooduun kan qaaccessaman, filannoo jechootaa kanneen akka jechoota idilee, jechamootaafi jechoota ogummaa tarreesuun akkaataa fuula kitaabichaa keessatti argamaniin tokko tokkoo isaanii hiikuun fayyadama afaanii dhiyaate keessa jiru haala barreessaan ergaa dabarsuu barbaadeen hariiroo barreeffamichaatiin kan qaacceffamedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu hanqini isa mudacuun isaa kan oolu miti Hanqinni qorannichaa fayyadama afaan kitaabichaa kan akka fayyadama sirna tuqaalee, qub-guddeessaafi qubeessuu irratti osoo gaggeeffame gaarii ture.Garuu, yeroo hojii idileetti waan ta’eef fayyadama afaanii keessa fayyadama jechoota qofaarratti xiyyeeffachuu isaa hanqina qorannichaati.Rakkoo kana furuufis qorataan yeroo hojiitiin ala saganteeffatee hojii qorannichaa hojjeteera.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qindoominni qorannoo bakka hojiileen boqonnaa jalqabaa jalqabee hanga dhumaatti akkamiitti akka hojjetame kan agarsiisudha. Kunis boqonnaa tokko keessatti ariirata qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqinaafi qindoomina qorannichaa ofkeessatti kan hammateedha. Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta’aa barruuti.Itti aansuudhaan boqonnaa saddaffaan saxaxaafi malleen qorannoo yoo ta’uu, boqonnaa arfaffaan immoo, ibsa ragaaleefi qaaccessaati.Akkasumas, boqonnaa shanaffaan cuunfaa, argannoofi yaboon qorannichaa duraa duubaan hammateera.

# Boqonnaa Lama: Sakatta’aa Barruu

## 2.1. Sakatta’aa Barruu Yaadrimee

### 2.1.1 Maalummaa Afaanii

Maaalummaa afaanii ilaalchisee hayyoonni garaa garaa karaa adda addaatiin hiika kennanii jiru.Akka Krauss andChiu (1993:87) ibsan,”Language is the medium of communication through

which we express our emotions, ideas, feelings and thoughts to our fellow people." jedhu. Akkuma ibsa kana irraa hubannutti afaan kan ilmi namaa wal-qunnamtii ittiin adeemsiisu ta'ee, kan namoonni miira isaanitti dhagahame: yaada, fedhii akkasumas beekumsa isaanii itti ibsaniidha. Afaan yoo jedhamu akka feeteen kan uumame, qaamolee dubbii uumanitti fayyadamuudhaan dhalli namaa waliigalteen akka fedheefi akka isaa galuutti yaada isaa kan dabarsu meeshaa waliigalteeti. Afaan ilaalchisee Addunyaan (2012:1) yooibsu:

> *Afaan kan itti jiraatan; kan ittiin jiraatan immoo jireenya.Jiraachuuf ammoo, afuura baafachuufi yaaduun dirqama jireenyaati.Afuura baafannaan, lubbu-qabeeyyii birootiin kan wal-fakkeessuyoo ta'u, yaaduun garuu, bakka addaaniiti (point of departure).Afaan, kan ittiin yaadaniifi wal-qunnamaniidha.*

Yaada kanarraa wanti hubatamu lubbuun jiraachuuf afuura baafacuun baarbaachisaa akkuma tahee, jireenya jiraachuuf, yaaduuf akkasumas walii galtee uumuudhaaf afaan murteessaa akka ta'e hubanna. Kana malees, waa'ee afaanii ilaalchisee Goshgarian (2001:26) akka armaan gadiitti ibseera.

> *Language isthe highest intellectual activity we practiceIt is the way we define ourselves who we practice. It is theway we define ourselves who we are asspecies, as individuals, asLanguage is the center of human life, Society and as culture.It is the basesof thought because it contains the symbols of thought.*

Akkuma ibsa armaan olii kanarraa hubatamuutti, afaan gocha sammuu isa olaanaa dhalli namaa badhaafame ta'ee, afaan yaada nama dhuunfaa yookaan akka hawaasaatti dhagahame kan ittiin ibsataniidha.Akkasumas,afaan wiirtuu jireenya dhala namaati.Namni miira isatti dhagahame afaan isaatiin ibsata.Waa'ee faayidaa afaannii ilaalchisee Cook (2010: 85) akka ibseetti:

> *We use it to express our love or haterd, to achieve ourgoals and further our cares to gain artistic satisfaction or simple pleasure.Thorugh language we plan our liveand remember our past: we exchange ideas andexperiences, we from our social and individualidentities.*

Yaada kana irraa akkuma hubatamuti, afaan meeshaa bu'uuraa ilma namaa ta'ee ilaalcha jaalalaa yookan jibba nutti dhagahame muuxannoo qabnu irraa ka'uun kan ittiin ibsanuudha. Faayidaa afaanii keessaa muraasni, qo'annoofi qorannoo dhimmoota hawaasaan walqabatan ifa baasuuf beekumsa dhokate sammuu keessaa ifa godhee agarsiisuuf, miira sammuu keessa jiru ifa gochuuf, aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo ifatti baasuuf, siyaasa hawaasa tokkoo olkaasee dubbachuufi kan kana fakkaataan ibsachuu danda'uudha.

Xinqooqa Hujoo ilaalchiseehayyoonnigaraagaraa yaada isaanii ibsanii jiru.Akka Cooper (1976: 41) akka ibseetti, “Applied Lingustics is the one of several academic disciplines focusing on how language is acquired and used in the modern world.”Akka yaada kana irraa hubatamuutti, Fayyadama afaanii jechuun naamusa dandeettii afaanii irratti kan xiyyeeffatu ta’ee, akkataa afaan itti baratamuufi addunyaa ammayyaa’aa keessatti haala fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatu jechuudha. Yaada kana deeggaruun, Richard (2008:54)yoo ibsu :

> *Applied Lingustics provides the theoretical and descriptive foundationFor the investigation and solution of language related problems, especiallythoseof language education (firstlanguage, second language and foreign teaching andlearning), butthe problem of translations, interpretation, lexicography, foresiclinguistic andperhaps)*

Yaada kana irraa akkuma hubatamu fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin walqabataniif furmaata barbaaduun yaadiddama bu’uuraa kaayuudha.Keessumattu rakkoo afaan barnootaa yoo ta’e afaan tokkoffaa, afaan lammaffaafi afaan alaa baruu barsiisuu keessatti rakkoo fayyadama afaanii irratti mul’ataniif furmaata kennuudha.

Kana malees, Goldman Rakic (1998:88) yoo ibsu,” Applied linguistic is concerned with the promoting our understanding of the role of language plays in human life.At itscenters are theoretical investigations of real world issues in which language plays leading role.”jedha.

Hayyuun kunis fayyadama afaanii akka ibseetti, xiinxalli fayyadama afaanii afaan guddisuufi hubannaa kennuu irratti gahee guddaa qba.Gahee fayyadamni afaanii jireenya namaa keessatti taphatu xiinxaluu keessatti giddu-galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa isaa kan qo’atuudha.

### 2.1.2. Barbaachisummaa Fayyadama Afaanii

Fayyadamni afaanii haalaafi bakka kamitti hawaasni akka itti fayyadamu qabu adeessa. Ayub (2008:60) akka Clark (1996) Wabeeffateetti yoo ibsu, ”Areas of language use as place and situation where people do things with language,.” jechuun maalummaa fayyadama afaanii maal akka ta’e ibsa.Fayyadamni afaanii haala hawaasni tokko afaan gargaaramuun hojii tokko hojjetudha.Kunis ergaa afaan waan tokko hojjechuuf gargaaru ta’ee, nammoonni haala haasawaa guyyaa guyyaa keessatti dhimma daldalaa, falmii siyaasaa, hojii ogummaa adda addaafi waan

kan fakkaatan keessatti fayyadamanidha. Haalum kanaan ‘Kitaaba Seenaa Oromoo Alamayoo Haayileetiin’barreeffame keessattijechoota filatamooadda addaa ni argamu.

Fayyadamaafaanii keessatti filannoo jechoota faayidaa isaan qaban hedduudha.Kanaafuu,barreessaanis barreeffama isaa keessatti dhimma nibaha.Kunis, fayyadama afaanii qo’achuun xiinqooqa qo’achuu waantaheefidha.Akkasumaas, qorannoon fayyadama afaaniifi caasaan afaanii tokko miti.Qo’annoon fayyadama afaanii haala adda addaan hojirraa oolmaa afaanichaa qorachuudha, fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaafi murteessaata’uusaa lafa ta’uusaa lafa kaa’ee jira.Haaluma kanaan Liulseged(1994:80)“Qo’annoon fayyadama afaanii ilaalchisee akka ibsutti, haawaasa afaan adda addaa dubbatu keessatti seera afaanicha waliin qaban filachuu kan gaafatudha.Seerichis haala adda addaa irratti kan hundaa’uu ta’uusaati.Haallan kunis, naannoo, mata duree, bakkafi waan kanaa fakkaatan ta’uu nimala.” jedha.Yuong Rechard (2008:75) yaada kana yoo deeggaruu, “Language in use provides the theoretical and descriptive foundationsfor the investigations and soluation of language related proble especiallythose of language education (first, second, and foreign language teaching andlearning).But, also the problems of translation and interpretation, lexicography, forensic linguistic and perhaps, “ jedha.

Akkuma yaada kanarraa hubatamuu danda’amu, fayyadamni afaanii rakkoowwaan afaaniin walqabatan furmaata barbaaduun yaaxxina bu’uuraa kaawuun akka danda’amuudha.Keessattuu afaan barnootaa yoo ta’ee, afaan tokkoffaa, lammaffaa yookiin afaan alaa baruufi barsiisuu keessatti rakkoo fayyadama afaanii irratti mul’ataniifi jijjiirraa afaanii afaan keessatti mul’ataniif furmaata kaawuudha.Dabalaanis, caasaa afaan tokkoo irratti qo’annoofi qorannoo taasiisuun qaaccessanii furmaata barbaaduun akka danda’muudha.

Akka Clark (1996) ibsutti, “Afaan kan qoratamu haala caasaafi itti fayyadama isaatiini. Caasaa afaanii yemmuu jedhamuqaaccessaxiinsagaa, xiinjechaa, xiinhimaafixiinhiikaafaanichaati.Haata’u malee fayadama afaanii qo’achuun xiinqooqa qo’achuu waan taheefidha.Akkasumaas, qorannoon fayyadama afaaniifi caasaan afaanii tokko miti. “Qo’annoon fayyadama afaanii haala adda addaan hojirraa oolmaa afaanicha qorachuudha. Gama biraatiin, haala fayyadama afaanii ilaalchisee Cooper(1976:184) akka ibseetti, ”Itti fayyadama afaanii jechuun xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokkoo yookaan looga tokko keessatti haala dubbiin,seerlugaan ykn jechaan uumamu

yookaan addaa addummaa afaanotaa ykn loogota gidduutti uumamudha.”Kana malees,qorannoon itti fayyadama afaanii xiyyeeffannoo garaagarumma xiinqooqaa gareemurtaawaa tokko keessatti kan ilaalu ykn haalafayyadamarratti adda addummaa garee hedduurratti mul’atu kan ilaalu akka ta’ee hubachuun nidanda’ama.Karaa biraatiin, fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaan haala adda addaa kessatti qabudha.Yaada kana Clark (1996) yooibsu, fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu kessatti barbaachisaafi murteessaa ta’uu isaa lafa kaa’ee jira.Kanaafuu, hojiin fayyadama afaaniirratti hojjetamu garaagarummaa haala xiinqooqaafi hawaasumaa jiru adda baasuufi ibsuurratti xiyyeeffachuu qaba. Kunis haalli itti fayyadama afaanii hundi adda addumaa hawaasaa sababa afaaniin uumamu kan ofkeessattti hammatudha.Asirratti garaagarummaa kan jedhu namni dubbatu sun gosa fayyadama afaanii garaagaraa afaanicha keessa jiru filate kan dubbatu ta’uusaati.Fakkeenyaaf, bakka hawaasni tokko afaan adda addaa beekutti,afaan tokkohojii tokkoof afaan biroo imoo hojii gara biroof fayyadmuu danda’u. Fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaata’uusaa Columas(1997:85) Laboy (1976) wabeeffachuun ibseera.Fayyadamni afaanii haala sadarkaahawaasaafi amala gosa hawaasaa calaqqisiisa.Haaluma kana fakkaatuun, Clark (1996:75) gamaisaatiin, ittifayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasa waliin qaban kan agarsiisudha jechuun ibsa.Itti fayyadamni afaanii adeemsa nama dhuunfaafi hawaasaa kan hammatudha.Haalli kunis yaadrimee fayyadama afaanii hawaasa kamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanicha qabaachuu giddugaleeffachuu qaba.

Yaaduma walfakkaatuun, Wolff (2000:10) fayyadama afaanii sirritti hubachuuf gaaffiilee akka yoom, eeessa, maaliif,akkamitti,maallin,eenyuufi wkkf gaaffilee xiinqooqa hawaasaan walqabatan kaasuun hubachuun akka danda’amu addeessa.Fayyadamni afaanii bakkaafi yeroo murtaa’ee tokkottiragaa baay’ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akkadubbataman, ilaalchaafi afaanicha irratti namni sun qabu kan hammatudha.

Haaluma walfakkaatun, Stockwell(2002:25)fayyadamaafaanii yoo ibsu,”Asxaa hawaasa isa olaanaa.” akka ta’eetti ibsa. Kan jechuun afaan eenyummaa hawaasa sanaa kan ibsudha.Kan ittiin adda bahus afaan dubbatuuni. Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkaadda addaatti dhimma adda addaatiif fayyadamuu nidanda’a.Haala yaaxxinni xiinqooqaa hawaasaa ibsuun fayyadama afaanii irratti haala qabatamaa lamatu jira.Isaanis fayyadamni

afaanii, haala hojiirra oolun jijjirama hammatamuufi hawaasni hunduu afaan akkuma dhimmichaatti garaagarummaan fayyadamudha.

### 2.1.3. Maalummaa Jechootaa

Hayyoonn,jecha karaa adda addaatiin ibsanii jiru.Crystal (1987:95), Jurafsky, Martin (2000:40)Qaama himaagama lamaaniin bakka duwwaan kan daangeeffame jechuun hiiku.Dabalataanis, jechi qaama himaakan hiika mataa isaa qabu kan muuxannoo hawaasa tokkoo ibsuufi bakka bu’eewaan tokkoo kan yaadrimee bakka bu’u sana baatudha. Waa’ee jechaa ilaalchisee Mitikkuufi Tashoomeen (1992) yooibsan, jechi tokko qaamolee adda addaa qabachuudanda’a.Qaamoleenkunis hundee, bu’urmhorteefi bu’ura hortee jedhamu. Hunde jechuun qaama jecha tokkoo kan dhamjecha ofiitti hin maxxanfatiin yookaan handhuura jecha tokkooti,” jedhu.

Barreeffama tokko haalan qindaaa’ee hiika akka kennu gochuuf akkasumas dubbisaa akka harkisuuf jechoonni fayyadamnu murteessoodha.Jechoonni kunis hiika walfakkiin, hiika galumsaan, hiika faallaan, hiika sirriifi hiika dhokataa akkasumaas bifa jechamaan ta’uu danda’a.Barreessitootni tokko tokko kan naaf ta’a jedhan jechoota kalaqaanii yoo barreessa nimul’atu.Haata’u malee, barreessaan maaliif jechoota akkasiitti gargaarame jedhamee qeequun hindanda’amu.Garuu, jechoonni uumamaan barreessaafi dubbisaa gidduutti waiigaltee ogummaa ogbarruu akka hin balleessine xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaadha.Ergaa dabarsuubarbaade dubbistoota isaa gahuuf gargaarame adda baasee beekuu qaba.

Barreessaan tokko hojii ogummaa isaa rakkoo malee akka ofii barbaadu gochuuf baay’ina jechoootaan kan badhaadhaa ta’uu qaba.Baay’ina jechoota qabaachuun qofa garuu, yaada ofii sirriitti akkaataa ifa ta’ee dabarsuu dhiisuu danda’a.Kana jechuun jechoota hiika siirrii kanjennu jechi tokko uuamaan hiikni isaa kan beekame kan namni hundinu waliigale moggasa ganamaa jechuu yoo ta’uu, hiik dubbii ammoo jecha hiika sirrii irratti rarra’ee kan muuxannoo uummataa wajjin deemudha. Haalum kanaan, fayyadama jechaafi amala galumsaa hubatee jechoota barbaachisaa bakka barbaachisatti gargaaramu danda’a.Gama biraatiin jechootni qofaa dhaabbatanii ergaaifaa ta’ee kennuu dhiisuu dandu’u.Sirrii ykn sirri miti jechuun hindanda’amu.Jechoota ergaa guutuu dabarsuu danda’an barreeffamicha keessa galanidha.Sirrii ta’uu dhiisuuisaanii kan beekaman bakka galanitti ergaa dabarsuufi dhiisuu isaanii

ilaaluuni. Jechootni akkaataa barreeffama keessaatti hiriiraniin ergaa isaan qaban adda adda ta'uu danda'a. Jechi tokko tokko bakka hinbaramne yemmuu galu hiika haaraa akka qabaatu beekamaadha.Kanaafuu, barreessaan jechoota filachuu irratti jechoonni bakka galanitti ergaa sirrii dabarsuu isaanii akkasumas gosoota jechoota filate mirkaneeffachuu qaba.

### 2.1.4. Faayidaa Jechoota Filachuu

Faayidaan jechoota filachuu fayyadama jechootaa keessaa tokko ta'ee jechoota duraan fayyadamnu caalaa jechoota muraasa fayyadamuunyaada ifa ta'ee dhiheessuu waliin kan walqabatudha.Ayub(2008:65) yaada kana yoo ibsu,"The language choice of the communitymembers in the mentioned domains with the people of the respective domain we investigated."jedhe.Jecoonni filamani hawaasa keessatti akkasumas kitaaba Sana keessatti ergaa isaan dabarsani olaanaadha.Gama biraatiin, jechootaa filachuun barreeffama tokko hawwataa taasiisuun miira dubistootaa harkisuu akka danda'uu gochuudha.Barreessaan barreeffama isaa keessatti kan hin fayyadamne taanaan barruunisaadhama-dhabeessa ta'a. Barreessaan barreeffamaa isaa keessatti jehoota filacuun gama ergaa dabarsuu ifaafi hawwataa taasiisuun dubbistoota biratti fudhatama akka argatu godha. Kana malees, filannoon jechootaa faayidaa barreeffamnitokkohawwataa tahuun miira dubistootaa harkisuu akka danda'uu kan godhudha. Barreessaan barreeffama isaa keessatti kan hinfayyadamne taanaan barruun isaa dhma-dhabeessa ta'a.Barreessaan barreeffamaa isaa keessatti jehoota filacuungama ergaa dabarsuu ifaafi hawwataa taasiisuun dubbistoota biratti fudhatama akka argatu godha.Gama biraatiin, filannoon jechootaa barreeffamni tokko hawwataa tahuun miira dubistootaa harkisuu akka danda'uu kangodhudha.Filannoon jechootaa barreeffama keessatti ergaa hiika kallaattiifi hiika dhokataa kanneen ofkeessatti qabatan dabarsuufkangargaarudha. Faayidaan jechoota filachuu jechoota hiika kallttiifi hiika faallaa qabaniin ergaa dabarsachuuf kan gargaarudha.Yaadotni faallaa haala adda addaan ibsamuu danda'uu. Jechoota faallaa kanneen jennu walitti dhufeenya dhokataa kan yaadni ergaa isaa dafee hubatamuufi gadifageenyaan xiinxaluun kan ergaan isaanii kan hubataman jechuudha.Kana malees, filannoon jechoota moggoos nilaallata.Jechoota moggoo jechuu ammoo akka aadaa Oromoottikanneen maqaawalfakkatu qabanidha. Moggummaan isaaniis kan unkaati malee kan hiikaa miti. Moggoon kunis walittidhihaatu malee guutummaatti tokko ta'uu hindanda'anguutummaatti hiika tokko qabannaan isaanii jechoota garaagaraa ta'uu hin danda'an." Akka yaada kanatti jechootni walfakkaatan hiika waliitti siiqan haaqabaatan

malee, hiikni waan tokkoof kenname isa kan biraaf kan kenname miti. Kanaaf, guutummaan guutuutti hiikni tokko ykn moggasni waan tokkoof tokko ta'ee hinjiru.Jechoota faallaa yaadafaallaakan qabanidha.Yaadotni faallaa haala adda addaanibsamuu danda'uu. .Jechoota hiika isaaniitiin jechoota biroo waliin faallaa ta'an kan qabanidha.Jechoota kanas karaa adda addaan arguun ni danda'ama.Isaanis jechootafaallaa keessatti jechoota siyaasa agarsiisan arguu dandeenya.Irra jireessaan barreessaan barreeffama keessatti haala dhokataa ta'een yemmuu itti dhimma bahuutu mul'ata, jechootni galumsaa ammoo jechoota haala adda addaan baarreeffama keessatti hiika kennuu danda'u. Haalli kunis akkaata barreessaan ergaa dabarsachuu danda'uun fayyadamuun isaa barreeffama isaa keessatti arguun dandahama

Beektootni muuxannoo barreessuu qaban jeccoota hedduutti fayyadamuu caalaaa jechoota muraasatti gargaaramanii yaada isaanii barreeffamaan ibsuu filatu.Jechoota yaada isaanii ibsuuf hin gargaarre hima keessa tuuluun bareeffama isaanii miidhagina dhokuu qofa osoo hintaane ergaa isaan dabarsuuf yaalanillee kan miidhuu danda'uu ta'uu isaa dubbatu.Kanaafuu, jechoota murtaawoo filatamoo ta'aniitti gargaaramuun barbaachisa ta'uusaa hubachuun barreessaa irraa eegama.

### 2.1.5. Akaakuwwan Jechootaa

Haala jechoonni yaada yookiin wanta nutti dhagahame ittiin ibsanu irratti hundaawuun bakka gurguddoo lamatti qoonnee ilaaluu dandeenya.Isaanis jechoota idilee (formal words) fi jochoota al-idilee (informal words) jedhamuun beekamu.

#### 2.1.5.1. Jechoota Idilee (formal words)

Jechootni idilee jechoota irra caalaan nutti guyyaa guyyaatti yaada keenya ibsachuuf fayyadamaa oolluudha.Jechootni idilee tarreessuuf hedduummachuu isaanii beekame illee jechooni kunniin jechoota yeroo maraati.Jechoota idilee ilaalchisee Geetaachoo(2011:156) akka ibsetti,"Jechootni idilee jecha waalta'oo dhaabbiilee, waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa keessatti yeroo hedduu kan dhimma itti bahamudha,"jedha. Jechoonni idilee jechoota galmee jechoota keessatti kan argaman yoo ta'u irra caalaan isaanii yeroo baayyee guyyaa guyyaan kaanneen itti fayyadamnuudha. Fakkeenyaaf, jechi "Mana kitaaba" jedhu kana yoo fudhanne hiini isaa kan ibsamee galmee jechootaa keessatti ifa ta'ee kan kaa'ameera. Hiiknisaas, "Mana iddoo kitaabni ittiargamuufi dubbisnuu."jechuudha.Jecha kanas jecha idileetti jennee waamna.Barreeffama

keessatti jechootni fayyadamnu jechoota idileeti.Sababiin isaas, jechootni kun hiikni isaanii galmee jechoota keessatti waan argamuuf dubbistootni barreeffamaa, hiika jechaa yookiin jechoota yoo wallaalan kuusaa jechootaa irraa waan argataniif dhaamsa barreeffamaa hubachuun isaan hin rakkisu.

### 2.1.5.2 Jechoota Al-idilee (informal words)

Jechoonni al-idilee jedhaman immoo yaadaafi haala jechoota idileetiin fayyadaman ofkeessaa hinqabanu.Amala jechoota akkanaa keessaa inni duraa jechi tokko yaada tokko iddoo yookaan naannoo adda addaatti kanbakka hinbuusneedha.Jechootni akkanaa yeroo baayyee jechoota dubbiiti, barreeffama yeroo barreessinu jechoota kanatti hinfayyadamnu sababiin isaas, jechootni barreeffama keessatti fayyadamnu, jechoota idilee ta'uu waan qabaniif.

#### 2.1.5.2.1. Fayyadama Jechoota Ergifannaa

Adeemsa namoonni qaban keessaa inni tokko gamtaadhaan jiraachuudha. Gamtaadhaan jiraachuun immoo, hawaasa tokko jidduutti kan daanga'e miti. Biyyi tokko biyyoolee biroo waliin walqunnamuun oomisha akkasumas yaada waljijjiiruudhaan ykn walii kennuun walgargaaru.Yemmuu oomishaafi yaada walii kennankanas maqaan oomishaa yookiin yaadasaanii hawaasa afaan tokko dubbatu irraa gara hawaasaafaan biroo dubbatanitti nidarba.Yemmuu kana maqaan oomishaa ykn maqaan yaada saniis walumaan fudhatama. Kana malees, yemmuu maqaaleen oomishaaykn yaadotaa biyya tokkorraa biyya biraatti fudhatamu maqaa isaanii qofaa osoo hinta'iin sagaleeleen, jechootni, gaaleewwaniifi himootni isaaniilee fudhatamuunidanda'u.Ergifannaan afaanii sadarkaa adda addaatti (sadarkaa sagaleetti, sadarkaa gaaleettiifi himoaatti) ta'uunidanda'a. Jechootni ergisaa adeemsa walitti dhufeenyaa hawaasa afaan garaagaraa dubbatan jidduutti jechoota afaan tokko irraa gara afaan birootti darbanidha.Yaada kana gabbisuunO'Grady (1995:1) yoo ibsuu,"Ergifachuun cee'ina afaanii afaantokko irraa gara afaan biraatti kallattiadda addatiin taasifamudha.Kuniscee'ina jechaa, sagaleefi seera afaan tokkoo gara afaan biraatti godhamudha,"jedha. Afaan tokko fedhii isaatiin jechoota kan ergifaturratti dabalataan ammoo jechootni dhiibbaa adda addaarraa kan ka'ee afaan tokko irraa gara afaan biraatti ce'uu danda'a.Kunis dhiibbaawwaan karaa lamaan kan ka'edha: Dhiibbaa afaan naannoo sanaa karaa siyaasaas ta'e karaa aadaatiin dhuunfate tokko, afaan naannoo sana hindhuunfanne irratti godhuufi dhiibbaa afaan naannoo sana karaa siyaasaatiin

ta’ee karaa aadaatiinhindhuunfannee, afaan naannoo sana dhuunfatee jiru irratti godhuuni. Kana malees Abdulrahim(1995:26) waa’ee jechoota ergisaa akka itti aanutti ibsee jira.

> *Bakka dhamjechoota ykn latiileen Afaan Oromoo argachuu dhabnettijaallannus jibbinus niliqeeffanna.Haata’uu malee ilmi namaa akkumawalitt dhufeenya isaatti walirraa liqeeffata.Afaan tokkos afaan tokkoorraajecha tokko fudhachuuf walfedhiin ummataa afaanota waliirraa* ergifatanii *jiraachuu qaba.*

Itti fufunis sababoonni ergiffannaa jechootaa garaagara ta’uu isaa ibsa.Kunis afaan tokkoofi afaan biraan wayitii olla jiraatan, wayitii uummanni waliin daldalu, wayitii uummanni walitti godaanuu, wayitii uumm anni bakka jiruu buqqa’ee baqatuufi wayitii uummanni tokko uummata biraa lolaan injifatee booji’uu, liqiin fedhii uummataan liqeeffatu saniin ala taati jechuudha.

Abdulrahim (1995:26) fayyadama jechoota ergisaa ilaalchisee yeroo ibsuu: “Namni silaafuu osoo kan ufii qabuu liqaa deemuun waan hintayiiniif daraan dursegola isa keessa deddeebi’ee soquu qaba.Eega gola isa mara waliin gayee dhabeeduubaan liqeeffachuu mana ufiiti baya”.

Akkuma armaan olitti ibsame, seera ergifannaa kanatti kan fayyadamuu qabnu, gabbinaafaan keenyaaf akka ta’utti ta’uu qaba. Kanaan alatti jechoonni ergifataman caasaa afaan keenyaa jijjiiruun amala afaan keenyaanimiidhu yoo ta’ee, jechoota afaan biraarraa ergifachuun faayidaa isaa irra miidhaa isatu caalee muldhata.Kanaan alas afaan tokko jechoota dhimma ibsamu Sana bakka bu’an osoo qabu, afaan biraa irraa jechoota ergifachuun fayyadama yoo ta’ee, afaanicha keessatti jechi akka irraaffatamuu taasisa.Akkasumas afaanichi eenyummaa isaa akka gadhiisu taasisuun guddina afaanichaa gufachiisa.

Fakkeenyaaf, sagaleeleen ‘P’ fi ‘V’ jedhaman kunniin Afaan Oromoo keessa hinjiran ture.Amma garuu itti fayyadama jira. Jechoota: Poostaa, Televiziyoona, Poolisii, Paastaa, Viidiyoo, Teeppii, Raadiyoo,Dimookiraasiifi wkf yoo fudhanne biyyoota alaatii biyya keenya seenan. Wayitii seenanis, maqaa osoo hinmoggaasiiniif maquma isaan duraan qaban waliin fudhanne.Akkasumas jechi ‘sangaa’, ‘ona’, ‘qabattoo’ jedhaman kunniin maddi isaanii Afaan Oromoo yoo ta’ellee hawaasni Amaara maqaa kana akkuma jirutti fudhatee itti fayyadamee jira.

**2.1.5.2.2. Fayyadama Jechoota Loogaa**

Looga jechuun garaagarummaa haala dubbii ykn itti fayyadama jechoota hawaasaa naannoo tokkoo gidduutti mul’atudha.Loogni garaagarummaa adda addaa afaan tokko keessatti jechaan,

seerlugaaniifi dubbiidhaanhawaasa tokko keessatti sababa garaagarummaa hawaasummaafi naannootiinmulatudha. Loogni garaagarummaa adda addaa afaan tokko keessatti jechaan, sagaleessuufi dubbiidhaan hawaasa tokko keessatti sababa garaagarummaa hawaasummaafi naannootiinmulatudha. Yaada kana deeggaruun Geetaachoon (2011:57)akka ibseetti, "Afaan keessatti garaagarummaa mul'atu dubbii yookaan looga(loqoda) jedhama," jedha.

Abdulsamadis (1995:32) yaadumma gubbaarratti eerame deeggaruun garaagarummaa karaa adda addaatiin mul'atan akka itti aanutti tokko tokkoon ibseera.

> *Garaagarummaa sagaalee_ jechoonni garaagaraa godinaalee garaagaraakeessatti garaagarummaa sagalee tokkoon ykn lamaan muldhatu niqaba,garaagarummaa seerlugaa garaagarummaa bamaqaafi maqibsoota irrattidhufufi unkaa jechootaa irratti kan mul'atudha. Garaagarummaa jechaagaraagarummaan kunAfaan Oromoo keessatti bifa lama qaba.*
>
> 1. *Jechoota waliirraa addaa kan hiikaan isaanii tokkichaa*
> 2. *Jechumti tokkichi hiikaa waliirraa addaa qabaachuu danda'a.*
> 3. *Garaagarummaa seerlugaa –garaagarummaa bamaqaafi maqibsootaarratti dhufuufiunkaa jechootaa irratti kan mul'atudha*.

Kana malees, maalummaan loogaa hayyoota garaagaraa biratti haala walfakkeenya qabuun hinmul'atu.Kunis garaagarummaa ilaalchaa namoonni qabanirraa madda.Loogni addaa addummaa sagalee, dhamsagaaakkasumas, jecha haaraa dubbattoota afaan tokkoo gidduutti mul'atudha.Dubbattootni afaan tokkoo teessuma lafaatinis ta'ee caasaa hawaasaatiin waliirraa fagaachuudanda'u.Kanneen teessumma lafaatiin fageenya qaban hawaasa afaan tokko dubbatu gidduutti haallan garaa garaa jiraachuu agarsiisa. Garaagarummaan loogawwan afaan tokko keessatti mul'atan kan teesssumalafaa qofaa bu'uureeffate osoo hintaane caasaallee nilaallata. Caasaaleen hawaasaa kunis koorniyaa, qabeenya gidduu akkaataa fayyadamaafaaniikanneen akka dhamsagaa, birsagaafi jechaa garaagarummaa qabaachudanda'a.Kun ammoo taayitaafi sadarkaa barnootaafi waan kana fakkaatanbu'uureeffata.Caasaan afaan hawaasaa tokkoo caasaaleekunneen bu'uureeffachuun garaagarummaa agarsiisuu danda'a.Garaagarummaafayyadama afaani haala kanaan argamu ammoo loogahawaasaa jedhama.Gama looga hawaasaan yoo dhufne garuu, hawaasa tokko keessa namoonni sadarkaafi hojii adda addaa qabu. Fakkenyaaf, hojjetaan buufata fayyaa keessaa hojjetuufi waajjira qonnaa keessaa hojjetu, jechoota ogummaatti yoo fayyadamanii dubbatan inni tokko kanisatokkoo wallaaluu danda'a. Haa ta'u malee, afaaniin walii ibsuu danda'u waan ta'eef waliigaltee isaanii irratti dhiibbaa hinuumu. Fakkeenaaf,

| | | |
|---|---|---|
| Yaame | | Waame |
| Eessa | | Eecha |
| Kaleessa | | kaleessa |
| Qamalee | qalamee | |
| Nyaa’u | Nyaadhu | |

Akkuma fakkeenya gubbarraa agarruu jechootni kun jechoota loogaa naannoo tokko tokkotti dubbatamanidha. Jechoota al-idilee loogaa dubbii keessatti bakka dubbataafi dhaggeeffataan qaamaan walfaana jirutti walhubachuun nidanda’ama garuu barreeffama keessatti jechoota kana fayyadamuun dubbisaa irrattis ta’e ergaa barreeffamichaa irratti rakkoo fiduu ni danda’a.

#### 2.1.5.2.3 Fayyadama Jechoota Safuu

Safuun aadaa oromoo keessatti ilaalcha namni uumaafi uumamaa qabu kan ilaalatudha.Kana jechuun ilmi namaa lafa kana irratti uumama biroo waliin waldanda’ee, wal kabajee akkaataa waliin jiraachuu danda’an kan agarsiisuu seera uumamaati jechuudha. Biqilaa Tufaa (2o16:22 ) yoo ibsu,” Safuun aadaa Oromoo keessatti ilaalcha namni uumaafi uumamaaf qabu kan ilaaludha. Kan jechuun ilmi namaa lafa kanarratti uumama biroo waliin waldanda’ee wal kabajee akkataa waliin jiraachuu danda’an kan agarsiisu seera uumaa jechuudha,”jedha. Asirraa wanti hubatamu safuun yaada ilmi namaa addunyaa kanarratti uumama biroo waliin waldanda’uun wal kabajee haala wajjin jiraachuu danda’ankan mul’isu seera uumamaati. Safuu ilaalchisee Gammachuu (2003:70) yoo ibsuu:

> *Safuu is moral category based on oromoo nations of distance and respects for all things.The concept of safuu is not merely an abstract category. Itconstitutes the ethical base up on which all human action should be founded; It is that whichdirect one on the right path; it shows the way in which life canbe best lived with context of oromoo world.*

Yaada kanarraa akkuma hubatamu Safuun ilaalcha Oromoon uumaafi uumamaaf qabudha.Yaanni safuu jedhu yaada qabatamaa hinqabne jechuu miti. Akka ilaalcha Oroomooti yaada gocha ilma namaa raawwatu mara wajjinkan walqabatu, daandii sirrii, kan gara jireenya gaariitti nama geessudha.

Haaluma walfakkaatuun, Warqinesh (2005:9) Lambert wabeeffachuun

*Safuu is moral concept that serves as the ethical basis for regulatingpractices in order to insure high standard of conducting appropriate to different situation.It help individual to avoid morally wrongaction.The safuu is what makes human different from animals. Safuu help individuals to relate natural laws and to base their activities on these laws Safuu is medating category between things. There are safuu between motherand daughterbetween father and son between generation, between humanand nature, between God and Earth. Safuu regulate activities*

Yaada kanarraa wanti hubatamu safuun duudhaa hawaasaa eeguudha. Kunis hawaasa keessatti iddoo olaanaa kan qabu yoo ta'uu, safuun ilma namaa bineensota biroorraa kan adda taasisudha.Safuufi safeeffannaan dhimmootaafi qaamota adda addaa gidduutti kan jiraatudha.Kunis: Safuun haadhaafi hintala jidduutti, abbaafilma jidduutti, namaafiuumama jidduutti, waaqaafi lafa jidduutti to'ataa gochaaleeti. Walumaagalatti, safuun jireenya namaa kan qajeelcudha. Dabalataanis, Palmer(1981:153) yoo ibsu,"Jechoonni hiika walfakkaatanyookiinwalfaalleessanqabaachuu ni danda'u," jedha.Yaada kanadeeggaruun Geetaachoo.(2011:57). Akka ibsetti, "...haala adda addaan kan ka'e hawaasni tokko jechoota akkuma feeteen maqaa kan hin dhoofne, kan jechootaan bakka bu'uu hin dandeenye osoo hin taane safuu yookaan saalfii waan ta'aniif "jechuun lafa kaa'a.

Gama biraatiin, maalummaa safuu, garaagarummaa safuufi seeraa ilaalchisee Dirribii (2012:66) haala armaan gadiin lafa kaayeera.

*Akkataa ittiin uummanni waldanda'anii, hanga danda'ameetti bakka walii kennanii waliin jiraatan safuu jedhama.Safuun adda addummaajiru beekanii nagaan waliin jiraachuudha.Safuun seera waaqaafi lafaati.Safuun waan hedduu of keessaa qaba.Safuu eeguun seera.Garuu, seerrihundi safuu miti.Seerri namaan tumama, nijiga garuu,Safuun hin tumamus.Hin badus.Safuun seera uumamaati.Safuu eeguun immoo dirqama jirenyaati.*

Akka yaada kanaatti safuun haala itti uummanni addaa addummaa jiru hubachuun waldanda'an jiraachuudha. Safuun seera uumaafi uumama ta'ee safuun akka seera kan hin tumamne, kan hin jigne, kan hin badneefi safuu eeguun ammoo jireenya keessatti barbaachisaa ta'u isaa kan ibsudha. Fakkeenyaaf,

| A | B |
|---|---|
| Shooshoo | Qaama walhomaata dubara |
| Alba'uu | Gad teessisaa |

Hudduu Taa'aa

Sagaagale Gudeede

Dhuufe Afuura baafate

Walumaagalatti fakkeenya armaan olii irraa akkuma agarruu, jechoonni (A) jalatti argaman aadaafi duudhaa Oromoo keessatti jechoota al-idilee safuuti.Jechoota kana yoo fayyadamnus akkaataa uummatni Oromoo waldanda'uun,walkabajuufi waiin jiraachuu qabuun akka (B) jalatti taa'een bakka bu'aa isaatiin gargaaramuun barbaachisaadha.

### 2.1.5.2.4. Fayyadama Jehoota Ogummaa

Fayyadamni afaani hawaasa tokko keessatti namoota sadarkaafi hojii adda addaa qaban gidduu jiru garaagara.Sababiin isaas fayyadamni afaanii haala amala mana hojiin dhaabbiilee mootummaafi mit-mootummaa keessattifayyadaman garaagara ta'uurraa kan ka'ee barreeffamaanis ta'ee dubbiin walii galuun nirakkisa. Barreeffamakeessattis jechoota ogummaa namni fayyadamu of eegannoogochuu qaba.

### 2.1.5.3. Fayyadama Jechamoota

Jechamni jechoota lamaafi isaa olitti gargaaramee yaada irra keessatti mul'atu osoo hintaane isa dhokataa ta'e kan ibsudha. Harcourt (1994:216) yoo ibsuu," An idiom expression whose meaning is particular to the language or differs from the individual meaning of its element," jedha.Kunis hiikni jechamaa dubbataa afaanichaaf malee, hiika namni dhuunfaan itti kennu miti. Kana jechuun hiikni jechamni sun kennu dubbataa afaanichaan malee kan namni kamuu hiiku miti. Jechama ilaalchisee Addunyaan (2018) yoo ibsu, jechamni jechoota gaaleewwaniifi wwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf fayyaduu danda'u.Ergaan jechama tokkoo walitti dhufeenya jechootaarraa yookiin sanaan ala akka ba'uu danda'uu,"jedha.Yaada kana irraa akkuma hubatamu jechoomootni Afaan Oromoo baayyeen ergaa dhuunfaatti jechootni walitti dhufuun qabaniirra adda ta'uufi jechoota kana haalaan hubacuufis beekumsa aadaafi afaanichaa qabachuun barbaachisaa ta'uusaati.Haaluma kanaan barreeffama keessatti jechamaatti gargaaramuun ergaa barbaachisaa ta'ee dhoksaa kana irraa hubachuun ni danda'ama Jechamni gaalee ykn hima hiika dacha qabu ta'ee,kan sammuu qarudha.Gaaleefi hima keessatti kaa'aman keessatti jecha hiika dachaa qabutu jira.Ergaa gaaleefi himaa keessatti ibsaman

keessatti jecha hiika dachaa qabu sana duraafi duuba jiran sanatu akka isaan xiinxalaman kan godhudha. Kanaafuu, barreessaan barreeffama isaa keessatti jechama yemmuu gargaaramu ofeeggannoo cimaa isa barbaachisaan kana ta'uu baannaan walhubannaa irratti rakkoon uumamuu danda'a. Fakkeenyaf:

A. Boontuun gurra abbaa ishee nyaatte.
B. Inni arraba dheerata.
C. Harka qalleessa
D. Gara nyaatte

Akkuma fakkeenya armaan oliirraa wanti hubatam, jechamoonni(a-c) jiran keessatti jechamoonni jechoota garaagaraa walitti dhufan irraa ijaaraman.Jechamummaa isaaniitiin hiikni jechoonni kunneen argatan garuu hiikni kallattii dhuunfaafi gareen qabaniirraa adda.Fakkeenyaaf, (a) jalatti jechamni dhiyaate hiika kallatti qaama miiraa abbaan ishee ittiin dhaga'u alaanfatte kan jedhu yoota'u, jechamummaa isaatiin garuu maqaa abbaa ishee balleessite kan jedhudha. Kanneen (b-d) jalatti dhiyaatanis duraa duubaan hanga arrabaa ittiin dhandhamaaniifi harka ittiin waa qaqqabanga'u akkasumas garaacha afaan kaawwachuun alanfattee osoo hin taane dubbatee qaqqabsiisa,dhabaa(hiyyeessa)fi nimararte jechuudha.

### 2.1.6. Wantoota Jechoota Itti Fayyadamnu Murteessan

Addunyaa kana irra afaanoonni jiran haala adda addaan garaagarummaaa akka qabaatn beekamaadha. Garaagarummaan kun dhufuu kan danda'u sababa addaa addummaa siyaasaa, teeknolojii, seenaa, iddoo, aadaa, amantaafi waan kana fakkaataniin irraa kan uumameedha Yaada kana ilaalchisee Crystal (1987:84) yoo ibsu,"Language verify enormously in global importance because of historical,demographical, poltical, technological and social uses."Yaada kana irraa wantihubatamu,fayyadama afaaniif haallan murteessan aadaa,qaroomina,dhimmoota fayyadamahawaasummaa akkasumas, sadarkaa barumsaa, qabiyee barreessinu, sadarkaa irratti dhiyaatuufi waan kana fakkaataniiti.

#### 2.1.6.1. Aadaa

Aadaa ilaalchisee Wallace (1974: 21) akka ibseetti,"People from different cultural or linguistic background think differently and it even make fairly good social scientificense. "jedha. Akka ibsa yaada kanaatti, dhimmoota haala fayyadama afaanii murteessan keessaa aadaan isa tokko

ta'uun isaa beekamaadha.Namoonni aadaafi dandeettii fayyadama afaanii garaa garaa qaban sadarkaafi hawaasummaa gara garaa qabu.

Dabalataanis hayyuun Levy-Brljia, Lucien (1985) The thinking of primitive peoples highly differed in substance and structures from that of more civilized man." Yaada kanarraa akka hubatamutti, fayyadamaafi caasaa afaan namoota bara duriifi kan bara qaroominaa yoo walbira qabnee ilaalle, garaagarummaa guddaa akka qabu ibsa.Kana malees, haalli jiruufi jireenya ilma namaa aadaafi duudhaa isaa irratti hundaa'a jechuudha. Kanarraa akka hubannutti, akkuma aadaan hawaasa tokkoo jijjiiramaa deemuun haalli fayyadama afaan isaatiis walfaana jijjiiramaa deema jechuudha.

### 2.1.6.2. Sadarkaa Barumsa Dubbisaa

Barnoonni ilma namaatiif adeemsa ittiin dandeetti, beekumsaafi hubannoo ittiin argachuu danda'u yemmuu ta'u, jiruufi jireenyaa hawaasaa keessatti barnootni bakka oolaanaa kan qabudha. Biyya tokkoof barnoonni dugugguruu dugdaa yookaan utubaa akka ta'ee ibsama.Hawaasa keessatti jechoota fayyadamnu wantoota murteessan keessa tokko barnoota.Jechootnni dubbii keessattis ta'ee barreeffama keessatti fayyadamnusadarkaa barnoota namoota waliin dubbannuu yookaan sadarkaa barnoota dubbistoota barreessitootnni barreeffama isaanii barreessaniif waliin kan wallaallatu ta'uu qaba. Jechootni barreeffama keessattis ta'ee dubbii keessatti fayyadamnu sadarkaa barnoota namootaa wajjin kan wal hinmadaalle taanaan, ergaa barbaadamee dabarsuu hindanda'u. Kanaafuu, jechootni barreeffama keessattis ta'ee haasaa keessatti fayyadamnu sadarkaa barumsa maammiltoota keenyaa giddu-galeessa kan godhate ta'uu qaba jechuudha.

### 2.1.6.3. Qabiyyee Barreessinu

Fayyadama afaanii haallan murteessan keessa inni kan biraan qabiyyee barreessinu sanadha.Kunis barreeffamni barreeffamu tokko ergaan inni qabatee dubbistootaan qaqqabuu waliin kan laallatudha. Qabiyyeen fayyadama afaan barreeffamaa qaama barreeffameef bira yemmuuu ga'uu dhaamsa inni duubbisttootaaf karaa aadaa, duudhaa, saala,umurii, safuufi kan kana fakkaataniin dabarssuu maal akka ta'ee kan ibsudha. Qabiyyee fayyadama afaanii kunis haala qabatama dubbistootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun barreessitootni jechoota filatamoo ta'aniitti fayyadamuun barbaachisaadha.

#### 2.1.6.4. Sadarkaa irratti Dhiyaatu

Fayyadamniafaanii dhimmoota murteessan keessa inni kanbiraan ammoo, sadarkaa dhiheenya fayyadama afaaniiti.Afaan fayyadamuun barreeffama keessattis ta'ee dubbii keessatti dhiyyaatu haala qabatamaan irratti dhiyaatu murteessaadha.Kunis fayyadamni afaanii caasaa hawaasaa qaroomina qabuufi caasaa hawwsaa boodatti hafaatiif dhiyaatu garaagarummaa qaba.Fayyadamni afaanii hawwaasamagaalaafi baadiyaajiraatuuf dhiyyaatu tokko miti.Walumaagalatti, bakkaafi haalli dhiyeessuu fayyadama afaanii sadarkaa jiruufi jireenya qaama dhiyaatuuf sana gidduu galeessa kan godhate ta'uu qaba.Fayyadamni afaanii kana ta'uu baannaan garuu qaama dhiyeessuufi dhiyaateef gidduutti wal hubachuu dhabuun rakkooo uumuuu danda'a.

## 2.2 Sakatta'a Barruu Walfakkii

Iftooma qorannoo isaaf qorataan qorannoo kanaan duraa hojjetamaan keessaa kanneen mata duree isaa waliin walitti siiqeenya qabu jedhee yaade kan afaan Oromoon hojjetaman ilaaluu yaaleera.Haa ta'uu malee, qorannoon fayyadama afaanii hogbarruu keessaa al-asoosamaa irratti kan digirii lammaffaatiin hojjetame hanga ammaatti hinargine.ta'uuyyuu, kanneen hanga tokko walfakkummaa qabaachuu danda'uu jedhu keessaa qorannoon jalqabaa, Gammachiis(2008)mata duree," Xiinxala Haasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo ManaMurtii Aanaa Hidhabuu Abootee" jedhurratti barruueebbaa digirii lammaffaa ittiin guuttachuudhaaf hojjeteera.Kaayyoon isaa haasbarruufi haalli fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti maal akka fakkaatu sakkatta'uun qaaccessuudha.Argannoon isaas, abbootiin dhimmaa yeroo jalqabaatiif gara mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee dhufan dhaaddacharratti yoomeessa haasbarruu bakka sanaa wallaaluu irraa kan ka'ee yaada isaanii ibsachuuf kan rakkatan ta'uu ibse jira.

Qorannoon digirii lammaffaa kanbiraan, Daangaa (2010) ammoo qoranno "Fayyadama Afaan Oromoo Daldala Dhuunfaafi Gamtaa Magaala Sulultaa"irratti kan xiyyeeffateture.Kaayyoonisaa, fayyadama Afaan Oromoo dhaabbilee daldalaa dhuunfaafi gamtaa magaala Sulultaa keessatti argaman maal akka fakkaatu qaaccessuudha.Kanaafuu qabiyyeefi kallattii qorannoo isaatiin kan koo irraa adda godha.

Nageessoo (2008) Barruu eebbaa digirii lammaffaa isaa keessatti mata duree Qaaccessa fayyadama Afaanii Wadhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaan Fuuruu Keessatti jedhurratti qorannoo gaggeessee jira.Kaayyoon qorannoo isaa fayyadama afaanii waldhabdee abbaafi ilmaa gidduutti uumame furuuf jaarsummaa taa'amu keessattimul'atu qaccessuu yoo ta'uu, qorannoo qorataa kan isaatiin adda kan godhu haala fayyadama afaanii barreeffama kitaaba“Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa” qaaccessuu irratti kan xiyyeeffate ta'uu isaati. Argannoon Nageessoos namoonni waldhabanii miira aarii cimaa keessa galantooftaa fayyadama afaanii kanneen akka ibsootaafi mammaaksota fayyadamuun araara kan buusan ta'uufi kun ammoo guddina aadaafi Afaan Oromootiif gumaacha guddaa kan qabu ta'uu lafa kaa'ee jira.

Gabii (2015). Mata duree “Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo Hordoftoota Amantaa Islaamaa Biratti” kanjedhu qrannoo digirii lammaffaa fayyadama afaanii irratti kan gaggeesse yoo ta'uu, kaayyoon qorannoo isaa dhiibbaa Afaan Arabaa jechoota Afaan Oromoo irraan gahu xiinxaluudha.Qorannoonqorataa ammoo qaaccessa fayyadama afaanii barreeffama Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa20$^{ffaa}$ yemmuu ta'uu, xiyyeeffannoon qorataas fayyadama jechootaa kanneen akka jechoota,safuu,ergisa jechootaloogaa,jechoota,jechamoota, jechoota ogummaafijechoota idileecaalmaankitaabicha keessatti argaman ta'ee, kaayyoon qorataasKitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jarraa 20$^{ffaa}$keessatti fayyadamaafaanii kanbarreeffamichaa xiinxaluunibsuurratti kan xiyyeeffate waan ta'eef kaayyoon qorannoo kanaa kanGabiiirraa adda isa godha.

Gammachiis (2010) Barruu eebbaa digirii jalqabaa isaa keessatti mata duree “Xiinxala Fayyadama Afaanii Kitaaba Seenaa Hanga Jaarraa 20$^{ffaa}$ Jedhuu Keessatti.”Kanhojjetamedha.Xiyyeeffannoon qorannoo isaas gosoota (faaruu, weeedduu, eebbaafi geerarsa) qabiyyeen fayyadama kitaabichaa keessatti argamaniin yoo ta'uu, kaayyoon qorannoo isaa qabiyyee fayyadama afaanii “Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20$^{ffaa”}$keessatti argaman ibsuunqaaccesseera. Argannoon isaas, Fayyadamni afaanii yoomessa dhaabbataa kan hin qabnee ta'ee hawaasni yeroo miirri isatti dhagahamu tokko kan ittii mul'isudha. Afaan fayyadamuun miira keessooofiiibsachuudha kan jedhu lafa kaa'eera. Qorannookanas kankootiin tokko kan taasisee madda ragaatokkoirraafayyadamuufifayyadama afaanii irratti kan gaggeeffame ta'uu isaati. Haat aa'uu malee, qabiyyeefikallattii qorannoo isaatiin kan koorraa adda godha.

## 2.3. Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuun yaaxxina qorannoo sana deeggaru bu'uureeffachuun dhimma murteessaadha.Yaaxxinni adeemsa barreeffamni tokko ittiin xiinxalamu yemmuu ta'uu, faayida barreeffamaa, walitti dhufeenya barreessaafi barreeffamichaa, dubbisaa, hawaasa, seenaafi afaan ittiin barreeffame kan agarsiisuudha.Yaadni toora inteerneetiirraa argame yaaduma kana kan cimsu akkas jedha:

> *Theory is the process of understanding the what nature of literature is what functions it has, what relation of the text, to author, to reader,to language,to society, to history It is not judgement.But understanding of frame of judgemen jedhu.www.the free dictinoray com.criticism*

Haaluma kanaan qorannoon kun yaaxxinaalee hayyoota garaagaraatiin kaa'aman keessaa yaaxxina xiinqooqa hawaasaa (Socio Lingustices) gargaaramuun kan dhiyaatudha.Yaaxxinaxinqooqahawaasaa kan hayyoota xiinmaddeetiin kan madde ta'ee fayyadamni afaanii uummataaf tajaajila akkamii akka qabukan bu'uureeffate hiikawaan tokkoo beekuuf ergaa fayyadama waan sanaa beekuun barbaachisaa akka ta'ee ibsee jira. Fayyadamni kun ammoo dhugaa hawaasa keessaatti mul'atu waan ta'eef dhugaa jiruufijireenya namaa keessa jiru miidh gsee akkuma jirutti kan dhiyessudha.Kuniskallattigama siyaasaan, dinagdeen, jireenya hawaasummaafi kanneen dhugumaan hawaasa keessatti calaqqisuun kan ibsudha.

# Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Malawwan Qorannichaa

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxxi qorannoo waliigala qorannichaa to'ata.Gaaffiiwwan qorannichi maal fakkaata?Maal irratti hundaa'e?kan jedhan saxaxa jalatti deeebii argachuu qabu. Qorannoon kun barreeffama kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20[ffaa] kessaatti argamanhaalli fayyadama afaaniikitaabicha maal akka fakkaatu qaaccessuun ibsuurratti kan xiyyeeeffatedha. Kunis barreessaan barreeffamasaa keessatti fayyadamniafaaniikan jechootaa maal akka fakkaatu ragaalee funaanaman bu'uuragodhachuudhaan kan dhiyaatedha.

Haaluma kanaan, qorannoon kun akkaataa fayyadamni afaanii kitaabichaa dhiyaateefi madda odeeffannooirraa funaaname walbira qabuun kan xiinxaledha.Kana waan ta'eef, hojiin qorannichaa malli filatame ammoo mala qorannoo ibsaati.(Descriptive method) ta'ee mala xinxala barruutiin (text analysis) dhimma bahame.

### 3.2. Mala Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf malleen qorannoon itti gaggeeffamu adda baasanii murteessuun dhimma barbaachisaadha. Qorataaniis qorannoo kana gaggeessuuf yeroo ka'ee barreeffama kitaaba "Seenaa Oromoo Hanga Jaarrraa 20[ffaa] kanfilate mala akkamtaatti dhimma baheeti. Malli kanneen filachuun kan barbaachiseef,gadifageenyaan ibsuuf waan gargaaruuf.Kana malees,qorannoo kan galmaan gahuuf, qorataan ragaalee funaanaman mala akkamtaanfayyadamuun qaaccesseera.Sababiin isaas,mala kanaan ragaalee guuraman lakkoofsaan osoo hintaane ibsaan hiika kan argatan waanta'eefidha.Yaada kana deeggaruun Dastaan(2013:20)"Qorannoonmala akkamtaatiin gaggeeffamuu odeeffannoo argatemala addeessaatiin dhiyeessa," jedha.Yaada kana irraa wanti hubatamu, Malli qorannoo akkamtaa ragaalee sakatta'aa dookimantiin argaman lakkoofsaan osoon taane jechaan dhiyeessuufkan gargaarudha. Malli akkamtaa, haalli jiruufi jireenya hawaasichaa yookiin amala hawaasa sanaa akkataafi bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas, maal jechuu akka ta'ee kan ittiin xiinxalamuudha.

### 3.3. Tooftaawwan Xiinxala Ragaalee

Qorataan qorannoo isaa keessatti mala ragaan itti argame xiinxale qaba. Toora intarneetii *(htt://en wkipedia.org/wiki/data analaysis)* waa'ee xiinxala odeeffannoo yoo ibsu,

> *Data analysis is the process of gathering, modeling, and transforming data with the goal of highlighting useful information, suggesting conclusions, and supporting decision making. Data analysis has multiple factes and approaches encompassing diverstechniques under a variety of names, in different business, science, social science domains.jechuun ibsa.*

Yaada kana irraa wanti hubatamu ragaa yookaan odeeffannoo ibsuun adeemsa qorannooti. Tooftaan xiinxala raga funaaname tokko kaayyoo qorannichaa irratti hundaawuun yaada itti kennan tooftaa adeemsaa kallatti namaa qajeelchuufi murtii tokkorraa akka nama geessisuu hubanna. Qorataan qorannichaas yaaduma kana irratti hundaa'uun ragaalee funaanaman yookiin argaman mala qorannoo akkamtaatiin ibsuun kan dhiyaatanidha. Ragaalee argaman tarreessuufi addeessuuf qorannooakkamtaan ta'ee ragaalee xiinxaluuf mala ibsaatti fayyadamee gaggeesseera.Walumaagalatti, ragaan tooftaalee armaan olitti ibsameen qindaa'ee qaaccafamee booda Cuunfaafi argannoon argame ibsameera.Akkasumas argannoo argame irrattis hundaawuun yaadni furmaataa itti kennameera.

# Boqonnaa Afur: Ibsaa fi Qaaccessa Ragaalee

## Seensa

Boqonnaa kana jalatti fayyadama afaanii kanneen akka fayyadama jechoota ergisa, safuu, loogaa jechoota ogummaafi idilee fuula kitaabichaa keessatti argaman dhiyaataniiru.Kunis ragaa kitaabicha keessaa kan funaanamaniifi tokko tokkoon isaanii ergaa akkamii akka dabarsan addda baasuun tokkoon tokkoon gosa fayyadama isaaniin kan qaacceffamaniidha. Kunis gosa fayyadama isaaniin kutaa kutaatti qoodamuun yaada himoota dhiyaataniifi tokkoontokkoon himmootaa keessatti jechootni haala adda addaan barreessaan ergaa dabarsuu barbaadee irratti kan xiyyeeffatedha.

Haalumakanaan, jalqabaragaalee kana Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20[ffaa]qorrannichaaaf filatame gadi fageenyaan dubbisuun ragaalee qorannookanaaf na gargaara jedhu funaanuun himootaa fuula kitaabichaa keessatti argaman eeruun erga gadi tarreessee booda qabiyyee barbaadamuuf hiikkoon erga itti keennamee booda gama ergaa isaan qabaniin akkaataa fayyadama jechootaafi yaadota barreessatti ibsa itti kennuuni.

Kana malees, barreeffama kitaabichaa mata duree qorannoo ta'e kana keessatti fayyadama adda addaa ofkeesatti qabuufi tokko tokkoon fayyadamni afaanii maal akka fakkaataan qaacceffameera.Qaaccessa kan adeemsiisuun kan barbaachiseef jechootni waliin hiriiruun fayyadamni afaanii uumamu keessatti tooftaa barreessaan filannoo isaa keessatti kallatti ergaa dabarsaachuu barbaade adda baasuufi.Kunis gama guddina barreeffama Afaan Oromootiin shoora olaanaa waan taphattuufi. Dabalataanis, kitaabilee barnootaa keessatti hammachiisuun barattootni haala qabatamaa yeroo waliin jechootni fayyadamanu afaanichaa bu'aa guddaa argamsiisuu nidanda'a kan jedhuun qorrannoo kanaafkitaaba filatame irratti xiyyeeffannoon kan kenname.

Kitaabni mata dureen isaa "Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20[ffaa]jedhamu kun bara 2016 akka lakkoofsawarraAwurooppaatti barreessaaAlamaayyoo Haayileetiin kan barreeffame maxxanfame yoo ta'u,kitaabichi boqonnaa kudhaniifi fuula 499kan qabudha.Barreeffamni

kunmaxxansa duraatti.Kitaabni Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20[ffaa]kun fayyadama garaagaraa kan akka aadaa,duudhaa,amantii,siyaasaa,hala jiruufi jireenyaa kan of keessatti qabate yoo ta'u, fuulleeffannoon isaa inni irra jireessi garuu,hacuucaa sirni bulchiinsa mootummoota abbaa irree Itoophiyaa turan Oromoofi lafasaarratti akkasumas saamicha qabeenya isaarraan gahaa turan kan agarsiisudha.Kunis loogii sabummaatiin guutamuun dhaaltummaa aangoorra waan turaniifi yaada anatu caalaa akkasumas "Nutti warra salamoonaawaadha" jechuun saba oromoo hacuucuun abbaan lafaa lafaafi qabeenya isaa gadlakkisee akka deemu, dhiiga abbaa biyyaa ganamaa Oromoo kallatti maraan dhangalaasuu,lubbuu isaa dhabamsiisufi gidiirsuurratti kan xiyyeeffatedha.Hacuuccaafi ajjeechaa akkasumas abbaa biyyummaa oromoomirkaneesuu keessattis wareegamni barbaachisaa ta'uusaati.

Ragaaleen argaman fayyadama jechootaa kanneen akka jechoota ergisaa, safuu, loogaa, ogummaa akkasumas, jechoota idilee duraa duubaisaanii eeguun qaaccessameera.Haaluma kanaan fayyadama jechoota safuu agarsiisan akkasumas fayyadama jechootaloogaa,ergisaa, ogummaa, jechamootaafi jechoota idilee kitaabicha keessatti tamsaa'anii jiran akaakuu isaaniitiin qoqqoodamanii akkaataa fuula kitaabichaa keessatti argamaniin tarreessuun tokko tokkoo isaanii hiikuun fayyadama afaanii qabiyyee dhiyaate keessa jiru haala barreessaan ergaa dabarsuu barbaadeen hariiroo barreeffamichaatiin kan qacceffamedha.

Akka ragaan mala funaansa ragaalee sakatta'a dookimantii yookiin kitaaba qorannichaaf filatame ibsutti, qabiyyeewwaan ragaa barreeffama kitaabicha keessatti argamaniin kan kan dhiyaatanidha.Isaanis fayyadama afaanii kan fayyadama jechoota safuu, ergisaa, ogummaa, jechamootaa akkasumas, fayyadama afaanii jedhaman keessaa kan jechoota loogaafi jechoota idilee addaan baasuun erga tarreessamaniin booda qabiyyeewwan qaaccessa keessatt argaman kanneen akka safuu hawaasaafi amala gadhee balaaleeffachuu, gaddaafi roorroo mul'isuu hacuuccaafi dhiibbaa uummata irra gahaa ture/ jiru fayyadama afaanii kitaabicha keessatti argaman akkataa isaan yaada dabarsaniin draa duuba isaanii eeguun qaacceffamaniiru.

Baeeffamaa keessatti akkaatta afaan itti gargaaramnu fayyadama afaanii jedhama.Kunis barreessaan tokko barruun isaa jaallatamaafi hawwatamaa akka ta'uu yoo barbaade afaan inni itti gargaaaramu murteessaadha.Kun guddina barreeffama Afaan Oromootiif gumaachi inni godhe hagana hinjedhamu.Kanaafuu barreessitootni qabiyyee barreeffama isaaniiirratti hundaawanii barreessaniifi fayyadama afaanii isaan gargaaraman eenyummaa barreessaa addatti ibsuu

danda'a. Haaluma kaanaa barreeffama kitaabichaa keessatti fayyadama afaanii barressaan gargaarame kanneen akka filannoo jechootaa kan idilee, al-idileefi kan kana fakkaatan lafa kaahuun nidanda'ama.Kanaaf barreessaan tokko fayyadama afaanii qabiyyee isaan ofkeeessatti hammatan waliin walqabsiisee barreessuutu irra jira.Kun ammo kan gargaaru dubbisaan barreeffama isaa dubbisu miira gaariin dubbisuu danda'a. Miira kana dubbisaaf kan fiduuf jechoota barreessaan fayyadameedha.

## 4.1. Fayyadama Jechoota Ergifannaa

Ergifannaan adeemsa walitti dhufeenyaa hawaasa afaan garaagaraa dubbatan jidduutti jechoota afaan tokkorraa gara afaan birootti darbanidha.

Gabatee A1 Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota Ergifannaa kitaabichaa Keessaa

| Jecha | Fuula | Keeyyata | Sarara | Jecha idileesaa |
|---|---|---|---|---|
| Qeesota | 83 | 1 | 14 | Luboota |
| Mangista Samayaat | 123 | 2 | 5 | Mootummaa waaqayyoo |
| Shumoonni | 130 | 2 | 2 | Muudamtootni |
| Jagnaatti | 289 | 1 | 13 | Gootaatti |
| Anteem Alii weldoohaal | 297 | 4 | 1 | SiinisAliitu dhalcheera |
| Duur yegaffaa Raayyaa Oromoo yi xfaa | 306 | 2 | 2 | Oromoon Raayyaa bosona dhibuu haabad |

Akka ragaan gabatee (A1) fuula kitaabichaa 83 keeyyata 1 sarara 14 keessatti dhiyaate mul'isuutti barreessaan jecha ergifannaa 'Qeesota'jedhu kun jechi idilee isaa luboota kan jedhuudha. Barreessaanjecha ergisaa Afaan Amaaraa kana fayyadamee ergaa dabarfachuu barbaadetu jira.Kunis qorattootni warra Abisiiniyaa jibiinsa Oromoo Walloorraa qabaniin ragaalee Qeesota Mana Amantii Ortoodoksiin qindeeffaman bu'uura godhachuun kan barreessan malee raga saayinsaawaa qorattootni seena irratti waliigalan akka hinqabne agarsiisuuf kan fayyadamedha.

Gama seenaatiin yoo xiinxalamu, qorattootni seenaa warra Abisiiniyaa jibbinsa Oromoofi Oromummaa qabaniin seenaa dhugaa ganamaa kan Oromoo Walloo jallisuunbarreessaniyyuu,hiddi dhaloota OromooWallooOromoo Bareentummaa yoo ta'u, gosti isaanis karrayyuudha.Haalum kanaan,Oromoon Walloo jiran ilmaan Liiban,kan Gondor keessa

jiran ilmaan Karrayyuu,Oromoon Yejjuu immoo ilmaan Tuulamaa,Oromoon Raayyaa immoo gosa Arsii irraa latanii akka achitti hafan manguddoonni achi jiran sanyiifi qaccee isaanii eeruun nihimu.

Gabate (A1) fuula kitaabichaa 123 keeyyata 2 sarara 5 irraa akka hubatamuutti gaaleen ‘mangista samayaat’ jedhu ergifannaadha. Gaaleen ergisaa barreessaan barreeffama isaa keessatti fayyadame kunis idileen isaa‘mootummaa waaqayyoo' kan jedhudha. Kitaabicha seenaa keessatti barreessaan gaalee kanatti kan gargaarame ergaa qacceen moototaa kan Goojjam bulchaa turan Oromoota ta’uufi biyyiifi lafti oromoo ammallee moggaaasa Oromootiin akka waamamaan dabarsuu barbaadeeti.Haa ta’uu malee sababa gaa’eela siyaasaatiin Abbaa biyyaa Goojjam kan ture Yoosoodeeq kan jedhamu hintala mootii Gondor waan fuudhaniif Oroomoonni Goojjam gartokkoon (Goojjam gara Bahaa) mootummaa Gondoriitti makamuu isaanii ibsuuf barreessaan gaalee “Mangista samayaat” jedhutti fayyadameera.

Gama aadaatiin yoo ilaalleeduudhaa dhaalma aangoo sirna Gadaa dandeettiifi beekumsa irratti hundee cabsuun sababa soddoommii mootota Gondoriin mootummaa dhaalaa sanyiifi qabeenyaa akka ijaaran ibsa.

Ragaa Gabatee (A1) fuula 130 keeyyata 2 sarara 2 keessatti jecha al-idilee ergifannaa shumoonni kan jedhu argina. Jechi ergisaa Afaan Amaaraa shumoonni jedhu kunjecha idilee muudamtoota jedhuun bakka bu’a. Bareessaan kitaaba seenaa kana keessatti jecha kana fayyadame oromoonni Yejjuu uummata Gondor biraatti cimoofi jaaalatamoo ta’aa dhuufuu isaaniirra kan ka’ee, mootummaan isaanii gibira humnaa olnutti fe’eera jedhanii Alii Guddichi kan abbaan humnoota habashaa jabaa sodaachisaa tureef aangoo keennuu isaaniifi bakka bu’ootniifi shumoonni mootummaa Gondor bakka adda addaatti faradoo qopheessanii eeguun Alii Guwaangul Gondoorii irraa ka’anii yeroo gabaabaa keessatti loltoota Yejjuufi Raayyaa irraa walitti qabachuun gara Bageemidiriitti deebi’anii inaaftootaafi diinota isaanii kan t’an qondaaltoota Tigirraay,Goojjamiifi kan biro human cimaan jala dhaabbachuun bara mootummaa isaanii cillaaffannaa tokko malee ciminaan uummata Gondor bulchuu ibsuuf barreessaan jecha kanatti fayyadame.

Akka ragaan (A1) fuula 289 keeyyata 1 sarara 13 keessatti mul’isuutti barreessaan jecha ergisaa akka jagnaatti jedhu argina.Akka aadaa Itoophiyaatti gootni meeshaalee waraanaa Goraadee

hidhachuun waraanaafigaachana qabatee dirree waraanaatti bobba'u dhiira.Barreessan garuu jecha kanatti kan fayyadame faallaa kanaani.Kunis Mastaawut akka dubartiitti osoo hintaane icciitiidhaan fuula isaanii faxuuranii meeshaalee waraanaa Goraadee hidhatanii waraanaafi gaachana qabachuun akka dhiiraafi gootaatti ta'anii argamuu ibsuufi.

Gama hirmaannaa dubartootaan yoo xiinxalmu, dubartoonni oromoo oromiyaas ta'ee kan Itoophiyaa qabsoo sirna hacuuccaa nama nyaataa nafxanyaarratti dhiiraan qixxeeffachisaa qabsawaa turuu isaanii ibsuuf jecha barreessaan jecha kanatti gargaarameera.

Ragaa Gabatee (A1) fuula 297 keeyyata 4 sarara 1 keessatti wanti hubatamu gaaleen ergisaa 'anteem Alii weldoohaal' kan jedhu kun jechi idilee isaa 'Siiniis Aliitu dhalcheera' kan jedhuudha.Barreessaan kitaaba seenaa kana keessatti gaalee ergisaa al-idilee kanaan shira mootiin habashaaAtse Takala Goorgiis Walloo qabachuuf Mohaammad Alii gara falmii aangootti akka dhufuuf 'Irsuum Liiban weldootaal'jechuun Alii liiban irratti kakasuun bu'aa siyaasa dhuunfaa isaatiif Oromoo, abbaafi ilma waloolchisuu isaa mul'isuuf fayyadame,

Akkuma ragaa odeeffannoo gabatee (A1) fuula 306 keeyyata 2 sarara 2 keessatti hubannutti himni ergisaa duur yegaffaa Rayyaa Oromoo yixfaa kan jedhu argina.Barreesaan ergisa kanatti fayyadamee jibbinsa hamaa mootiin habashaa Yohaannis Oromoo Raayyaarratti qabuun moggasa maqaa Oromoon Raayyaa bosona dhiibee ykn baargamaa dhufe haabadu yaada jedhu agarsiisuuf jecha gargaarame. Dhaadannon Yohaannis Oromoo Raayyaaf qabu moggaasa bosonaa dhuftee qofaa osoo hintaane, Oromoo Raayyaarratti duula ajjeechaa raawwatee kanneen du'arraa hafan immoo gorsuunis ta'e humnaan Amantii kiristaanaa akka fudhatan gochuu isaa agarsiisuuf barreessaan itti gargaarameera.

Gabatee A2 Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota Ergifannaa Kitaabicha Keessaa

| Jechoota | Fuula | keeyyata | Sarara | Jecha idileesaa |
|---|---|---|---|---|
| Bataskaana | 188 | 2 | 4 | Mana amantii Ortoodoksii |
| Xalaanni | 320 | 1 | 1 | Diinni |
| Qallabuu | 337 | 1 | 7 | Sooruu/nyaachisuu / |
| Arbanyoota | 353 | 1 | 12 | Gootota |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Addis Ababaa | 387 | 1 | 9 | Finfinnee |
| Ager aqinyii | 438 | **2** | 10 | Biyya ijaartoota |
| Mishiggii | 290 | 3 | 9 | Dahannoo |
| Proofeetii | 64 | 3 | 4 | Raajii |

Gabatee ibsaa raga (A) fuula 188 keeyyata 2 sarara 4 irratti akkuma hubatamu jechi bataskaana jedhu gosa jechaa keessaa jecha al-idilee jecha ergisaati.Bakka bu’aan mana amantaa Ortoodoksii kan jedhudha.Barreessichi jecha kanatti kan gargaarame Morodaa Bakaree Raas Darasuutti humnni Goojjamootaa biyya isaa akka hintuqne gabbara waliin erga ergee waliigaltee uumeen booda Morodaafi Abbootiin waraanaa isaa yeroodhuma sana Kiristaana ta’uun Raas Darasuunis Abbaa kiristinnaa Morodaa ta’anii cuuphamaan mana Amantii Ortoodoksii isa jalqabaa Lixa Oromiyaa keessatti kan ijaarame ta’uu agarsiisuuf barreessaan fayyadame. Gama Amantiin yooxiinxalamu,OromoonLeeqaa amantii isaanii ganamaa,Waaqeeffataa kan ture,sababa mootii amantii dahoo godhachuun daangaa babbal’ifannaa lafa abbaa biyyaa Oromoorratti bobba’ee,Miniliik Raas Goobanaa Daaccii Leeqaa gabbarsiisuuf gara Wallaggaatti ergee Morodaa Bakaree waliin waliigaltee bataskaana ijaarsiseen amantiifi sirna Gadaa isaanii dhiisanii amantii warra habashaa hordofuuf kan dirqisiisan ta’u ibsuuf kan galedha.

Gabateen (A2) fuula 320 keeyyata 1 sarara kitaabichaa 1 keessaa akkuma mul’isuutti jechi ‘xalaanni’ jedhu kun jecha al-idilee ergisaa yoo ta’uu jechi idileesaa ‘diinni’ kan jedhu ta’a.Barreessaan kitaabicha seenaa keessattijecha kanatti fayyadamee ergaa dabarsuu barbaadetu jira.Innis akkataa Oromoonni bosonaafi lafa isaanii kunuunsaan ajaa’ibsiifachuun, Oromoonni ofii isaanii miti; diinni isaayyuu fiixee muka isaanii akka irraa kutu kan hinfeeneefi jaallala bosonaaf qaban irraa kan ka’ee illee, naannoo mana isaanii mukkeen gosa garaagaraa dhaabuun kan marfame ta’uusaa ibsuuf kan galeedha.

Gabatee (A2) fuula kitaabichaa 337 keeyyata 1 sarara 7 keesatti jechi ‘qallabuu’ jedhu’ kun jecha gosa jechaa keessaa jecha al-idilee jecha ergisaati.Barreessaan kitaabichaas jecha ergisaa kanatti kan gargaaramee mormii Oromootni Harargee Bahaa humna gita bittaa warra Misirootaa lakkoofsaan hedduu ta’an dallaa warra Hararee keessa dhokatanii taa’an irratti taasiisaniin humni warraana isaanii Oromoonni dalla nutti cabsu jedhanii sodaachuufi humnoonni isaanii dallicha

keessa daheeffatan kunis bu’aa tokko malee sooramuufi Misiroonni Harariin gadlakkisanii akka ba’an taasifamuu isaanii ergaa dabarsuu barbaadeeti.

Akkuma ibsa ragaa (A2) fuula kitaabichaa 353 keeyyata 1 sarara 12 keessatti akkuma mul’atuutti jechi ‘arbanyoota’ jedhu kun jecha al-idilee ergisaati.Barreessaanis jecha ergisaa kana fayyadamee ergaa mootiin sirna naafxanyaa Miniliik gargaarsa warra Awurooppaa meeshaa waraanaafi ogeessota gara biyya Itoophiyaa dhufuun umurii sirna bulchiinsa isaa dheersuuf dhufaniif lafa Oromoorraa saamee naannoo Bishooftuutiitii kennaniin booda ogeessootni kundubartoota Itoophiyaa fuudhanii ilmaan irraa dhalatan bara weerara Xaaliyaanii isaa dhumaa raawwata irratti gootota wajjiin falmaa akka turan ibsuu barbaadeetti.

Gabatee(A2) fuula 387 keeyyata 1 sarara 9 irraa akkuma mul’atuutti jechi ‘Addis Ababaa’jedhu jecha ergisaati. JechiidileesaaFinfinnee‘haaraa’ kan jedhuudha.Barreessaan jecha kanatti kanfayyadame maqaa Addis Ababaa jedhu kan moggaaffame haadha warraa Minilik kan taateen bara 1879 keessa Xaayituu Buxuliin. Isheenis bara kana Hora Finfinneetti dhiqachuuf yeroo deddeebii’uufi yeroo qorra Baddaa Dildilaa(Inxooxxoo) waan jibbiteefi naannoo Finfinnee sana waan jaallateef teessoo haaraa achitti ijaaruu eegalte iddoo Hora Finfinnee sanattis Ilillii haaraa argattee Afaan Amaaraa kanaan akka moggaaste ibsuuf kan galeedha.

Ragaan Gabatee (A2) fuula 438 keeyyata 2 sarara 10 iratti akkuma mul’atuutt jechi ‘ager aqinyii’jedhu jecha al-idileetti.Jechi idilee jecha kanas biyya ijaartoota kan jedhudha. Barreessaan kitaabichaa jecha ergisaa kanatti fayyadamee Sirni Nafxanyaa qawwee qabateeuummata Oromoo cunqursuun qabeenya lafa isaa saamuun warra bulchan biyya ijaartoota, Orommoo akka duudhaa Sirna Gadaatiin of bulchu immoo,biyya diigdoota jedhanii akka isaan balaaleeffatan ergaa dabarsuu barbaadeeti.

Gama aadaatiin yoo xiinxalamu qabeenyi lafaa Oromoof dinagdee qofa miti.Qabeenyi lafa Oromoof qomoodha, aadaadha, duudhaa.Oromoon lafti isaa irraa fudhatame jechuun gabaabumatti eenyummaa ofii dhabe jechuudha.

Ragaa gabatee (A2) fuulakitaabichaa keeyyata 290 keeyyata 3 sarara 4 keessatti akkum hubatamu barreessaan jecha ergisaa ‘mishiggii’jedhu gargaarameera.Jechi idilee jecha kanaas ‘dahannoo’ kan jedhuudha. Barreessaanis dhaamsa mootiin Teewodiroos kiyyoo namaaf diriirsee isa kaan gubee isa kaan harkaafi miila irraa mursiisuun fixee kaan immoo, harkaafi miila

hidhee lubbuun hiraarsee qileetti darbataa tureen loltoota Warqituufi Mastaawutiin kiyyoo keessa keessaa hinbaaneen dahannoo Maqdalaa keessatti ajjeeffamee reeffi isaa namoonni akka rukkutuun tatarsaasan agarsiisuuf kan galeedha.

Gabatee (A2) fuula 64 keeyyata 1 sarara 6 irraa ‘piroofetii ‘kan jedhu jecha ergisaati. Jechi idilee isaas ‘raajii’ yemmuu ta’u,barreessaan jecha kana gargaaramee Makkoo Bilii Abbaa Bokkuu qofa osoo hin ta’iin raajii kan turaniifi bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti Abbaa Bokkuu ta’anii filatamuuf dandeettii sammuu qofa utuu hin ta’iin gootummaafi jabina qaamaa akkasumas maqaa seenaa kuufamaa qabaacchuun murteessaa akka ta’ee ibsuuf kan galeedha.

Walumaagalatti, Kitaaba kana keessatti barreessaan ergifannaa sadarkaa jechaa hangaa himaatti armaan olitti eeraman hedduunkun liqeeffannaa seeraan aladha. Sababiin isaas, jechoonni ergifannaa kun akkaataa kanaan kitaabicha keessatti argamuun isaanii barreeffamichi gamisaan Afaan Amaaraa ta’uun, eenyummaa isaa akka dhabu isa taasiseera. Miidhaginadhorkuu qofa osoo hintaane, jechootni barbaachisummaa isaanii malee ergifatamankun jechoota Afaan Oromoo fayyadamuu dhiisuun barreessaa akka isaan irraanfataman, suuta suutaan afaanicha keessaa hafaa akka deeman godha. Kun immoo, ergaa barreessaa barreeffamichaa dubbistootni dubbisanii hubachuudadhabuun alatti afaanicha ni quucarsa ykn akka hin guddanne taasisa. Sababiin isaas, guddina afaan tokkoof, afaanichi barreeffama garaa garaa keessatti barreessitootni barreeffama isaanii keessatti fayyadamuu waan ta’eefi. Kanaafuu,barreessaan kitaabichaa jechootas ta’e hima ergifannaa akkasiitti gargaaranuun isaa hanqina isa guddaadha

### 4.2. Fayyadama Jechoota Loogaa

Garaagarummaa adda addaa afaan tokko keessatti jechaan, seerlugaafi dubbiidhaan hawaasa tokko keessatti sababa garaagarummaa hawaasummaafi naannootiin mul’atu looga jedhama

Gabatee B1 Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota Loogaa Kitaabicha Keessaa

| Jecha | Fuula | Keeyyata | Sarara | Jecha idileesaa |
|---|---|---|---|---|
| Michuu | 39 | 2 | 18 | Jaalala |
| Qottoodhaan | 137 | 1 | 12 | buttoodhaan |
| Bowwaa | 284 | 3 | 4 | hallayyaa/ qilee |
| Tumame | 51 | 2 | 7 | yayyabame |
| Kormoomee | 148 | 1 | 10 | Guddatee |
| Wayyaa Gurraacha | 77 | 1 | 3 | ulfinaafi qulqullummaa |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Maalimaa | 79 | 2 | 13 | Gorsitoota |
| Qunnaa | 190 | 4 | 3 | meeshaa safara aadaa |

Ragaa gabatee (B1) fuula 39 keeyyata 2 sarara 18 irraa wanti hubatamu jechi' michuu' jedhu gosa keessaa jecha al-idilee loogaati. Jechiidilee jecha kanaas jaalalayoo ta'uu, barreessaankitaabichaa ergaa barreessitootnifedhii dhuunfaaf jecha eenyummaa hawaasaFaxagaar, Dawwaaroo, Baalliifi Daamot keessa jiraatan akka hinbeekamne barbaadaniifi yoo beekamanis akka bara giddu-galeessaa michuu (gabbaaroota) mootummaa Kiristaana turaniitti ibsuuf kan galeedha.

Akkuma gabateen (B1) fuula kitaabichaa 137 keeyyata sarara 1 sarara 12mul'isuutti jechi buttoodhaan" jedh kun jecha al-idilee yoo ta'uu, idileen isaa qottoodhaan kan jedhu ta'a.Barreessaan barreeffama kanaas jecha kan gargaaramee Oromootni Walloo nama Hagoos jedhamuu qottoodhaan kukkutanii akka ajjeessan ibsuuf gargaarameera.

Gabatee (B1) fuula 284 keeyyata 3 sarara 4 irratti jecha al-idilee loogaa bowwaa jedhu argina.Jechi kunis jecha hallayyaa yookiin qilee jeduun bakka bu'a. Jechi kunis barreeffamicha keessatti gochaa suukkanneessaa mootichi Teewodiroos haaloodhaan guutamee ilma Warqituu (Amadee Alii) fi Oromoota Walloo mana hidhaa isaa keessa jiran hundumtuu ajjeefamanii namoota lubbuun keessaa hinbaaneefi jarreen lubbuun jiran Tuulluu Maqdalarraa akka hallayyaatti akka gataman ibsuuf kan galeedha.

Akka gabatee (B1) fuula 51 keeyyata 2 sarara 7 mul'isuutti jechi al-idilee loogaa yayyabame jedhuargina.Jechi kunis tumame kan jedhuun bakka bu'ama. Barreessaanis jecha kanaan heerriifi seerri Oromoota durii Yaayyaa shaman Abbootii Seeraa Boruu Biloo, Gaallee Aannoo, MaanneeLeeqaa Jaarsoo, Goloo Gobbuufi Baabboo Gaalessaan akka tumame ibsuudhafgargaarameera.

Gabatee (B1) fuula kitaabichaa 148 sarar 1 sarara 10 keessatti akkuma hubatamu jechi kormoomejedhujecha al-idilee loogaati.Jech alidilee kanaafis bakka bu'aansaa keessatti guddate kanjedhudha.Jecha kanaanis barreessaan ergaa goomattummaafi jibbumsa Oromoota Yejjuu Raas Kaasaa keessa isaatii guddate ba'uu waan dideef akka shiftoome ibsuufkan galeedha.

Gabatee (B1) fuula 77 keeyyata 1 sarara 3 irraa wanti hubannu gaaleen wayyaa gurraacha jedhu kun loogadha. Wayyaan gurraachi hawaasa oromoo tokko tokko keessatti gadda kanagarsiisuda.Garuu, barreessaan kitabicha seenaa kana keessatti wayyaa gurraacha kan gargaarame bakka bu'insa looga kanaa keessumattuOromoota Arsii biratti namoota ulfinaafi qulqullummaa qaban jechuu akka ta'ee agarsiisuudhaaf fayyadameera.

Akka ragaan gabatee (B1) fuula kitaabichaa 79 keeyyata 2 sarara 13 mul'isuutti jechi 'maalima' jedhu jecha al-idileeloogaati. Bakka bu'aan jecha kanaas gorsaa kan jedhudha.Barreessaan barreeffama isaa keessatti jecha kanaan ergaa dabarsuu barbaadetu jira .Innis nama gorsaa aadaafi seeraa ta'uun tajaajilu ibsuudhaaf kan galeedha.

Ragaan gabatee (B1) armaan olii fuula 190 keeyyata 4 fuula 3 akka agarsiisuutti jechi 'qunnaa jedhu kun jecha al-idilee loogaati.Qunnaanmeeshaa safara aadaa kan tokkoon yookaan afran isaa burcuqqooo afurtama yoo ta'uu, looga waan ta'eef hawasaa hawaasaatti akkasumaas naannoodhaa naannootti addaa addummaa qabaachuu ni danda'a. Barreessaan kitaaba seenaa kana keessatti jecha kanaan ergaa Tuuchoo Beeraaosoo Goobanaa Daaccii biyyaa isaanii dhufee gabbara midhaaniif qunnaa hin baatiin du'uu isaa ibsuuf fayyadameera.

Gabatee B2 Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota Loogaa Kitaabicha Keessaa

| Jecha | Fuula | Keeyyata | Sarara | Jecha Idileesaa |
|---|---|---|---|---|
| Folodaa | 398 | 4 | 2 | Doofa |
| Hiraarsee | 290 | 3 | 8 | Gidirsee |
| Gennee | 212 | 1 | 13 | haaadha warraa |
| Jiilchaa | 272 | 1 | 9 | mana hidhaa |
| Abuungee | 234 | 3 | 4 | Jabaa |
| Amajaajii | 136 | 2 | 2 | Goomataa,nyaataa |
| Muchaan | 133 | 2 | 6 | Mucaan |
| Sanyoo | 212 | 1 | 14 | hiriyyaa dubaraa/dhiiraa kan dhokssaa |

Akka ibsa ragaa gabatee (B2) fuula 398 keeyyata 4 sarara 2 mul'isutti jechi folodaa jedhu kun akaakuu jechaa keessaa jecha al-idilee ergisaati. Jechi naannoo tokkotti folodaa jedhu kunis naannoo birootti hiika doofakan jedhuun bakka bu'a. Barreessaanjecha al-idilee fayyadamee warren gara Nafxanyootaa goree Oromoota loluu Jibbinsa Morodaa Bakaree yemmuu

qeeqan doofaa akka malee, kan hin lollee, kan hingoonneefi nama himmallee ta'uu ibsuuf gargaarameera.

Gabatee (B2) fuula 290 keeyyata 3 sarara 8 irraa akkuma agarruutti jechi hiraarse jedhu jecha loogaati. Jechi kun hiika dararse yookaan gidirse jedhuun bakka bu'a. Barreessan kitaabichaa keessatti ergaa gochaa suukkanneessaa mootiin Teewodiroos Oromoota mana hidhaa isaa turan irratti bara aangoosaa raawwate agarsiisuudhaaf kan galeedha.

Akkuma gabatee (B2)fuula kitaabichaa 212 keeyyata 1 sarara 13irraa akkuma hubatamuu jechi genneejedhu jecha loogaati. Jechi al-idilee kunis hiika haadha warraa jedhuun bakka bu a. Barreeffama barreessaa keessatti jechi kun ergaa mootummaanLimmuu Abbaa Baagiboo gaa'eela siyaasaan mootoleeGibeefi naannoo walitti hidhuun mootummaa Oromoo tokko ijaaruuf haadha warraa kudha sadii fuudhuu isaanii ibsuuf kan galeedha.

Gabatee (B2) fuul 272 keeyyata 1 sarara 9 irratti wanti hubatamu bareessaan barrreeffama isaa keessatti jecha al-idilee loogaa kanatti fayyadameera,Jechi kunis ergaa dhuufaatii amantii kiristaanaa kufaatii Sirna Gadaa Leeqaa Qeelam keessatti saffisiisuun Mardaasaa Jootee ajaja warra Nafxanyaafi kan Qeesiis Masfin Ortoodoksii Itoophiyaan kennameef waan dideef mana hidhaatti darbamuu isaa ibsuuf kan galeedha.

Gabatee (B2) fuula 234 keeyyata 3 sarara 4 keessatti barreeffamicha keessatti kan tokkoof dallaan buqqee, tokkoof Daallee Abungee kan jedhu agarra. Kanarraas bakka bu'aan jecha al-idilee Abungee jabaa akka ta'ee hubanna.Barreeffama barreessichaa keessattis jechi kun kan tokkoof tuffatamaa ta'e tokko biratti hagam jabaa akka ta'eefi mootolee Guumaay keessaa Daallee Abunngee seenaa keessatti nama cimaa beekama ta"uusaa agarsiisuudhaaf kan galeedha.

Ibsa ragaa gabatee (B2) fuula 136 keeyyata 2 sarara 2 keessatti jechi amajaajii jedhu jecha loogaati. Jechi al-idilee kunis diina yookaan nyaataa kan jedhuun bakka bu'a. Barreessaanis jecha kanatti kan gargaarrame namni biyya bulchuus ta'ee namni kamiiyyuu wallaansoon akka biyya bulchu yookaan jiraatuu ergaa dabarsuu barbaaadeeti.

Gabate (B2) fuula 337 keeyyata 1 sarara 7 irraa akkuma hubatamu jechi muchaa jedhu jecha loogaati. Jechi al-idilee naannoo tokko tokkootti muchaa jedhamu kun naannoodhuma afaan

tokko dubbataan birootti mucaa jedhama.Barreessaanis barreeffama isaa keessatti dhaamsa namni Alii Gaaz jedhamu ilma maqaan isaa Gujii jedhamu akka qabuufi mucaan kun Raas Gugsarraa akka dhalate dabarsuuf kan galeedha.

Akkumagabatee(B2) fuula kitaabichaa 212 keeyyata 1 sarara 14 irraa hubannutti jechi sanyoo jedhu jecha loogaati. Jechi al-idile kun hiika hiriyyaa dubartii ykn dhiiraa jedhuun bakka bu'a.Bareessaanis jecha kana gargaaramee Abbaan Baagiboo mootolee naannoofi Limmuu soddoommiifi firoominaan akka walitti hidhuu barbaade ibsuufi.

Walumaagalatti, barreessaan jechoota loogaa hedduu barreessaan kitaabicha seenaa keessatti fayyadamee ergaaa ykn yaadnni jechoota kanaan dabarsuu barbaade hubachuun rakkisoo ta'anii argamanii jiru.Jechootni al-idilee kunneen looga naannoo ykn hawaasa tokkoo ta'uu nimalu. Kanarraa kan ka'ees, dubbattootni Afaan Oromoo naannoo biraa caasaa hawaasa biraa jechoota loogaa kana bakka dubbistootniifi barreessaan qaamaan walbira hinjirreetti dubbisanii hubachuu hindanda'an. Barreessaan kunis jechootni kun jechoota looga naannoo tokkoo ta'anii osoo jiranii kitaaba hawaasa oromoo hundaaf barreeffame keessatti gargaaramee barreessuun isaa hanqinasaati. Kanaaf, barreessaan barreeffama isaa keessatti jechoota loogaa naannoo tokkoo ta'aniitti fayyadamuu dhiisee, jechoota filatamoo, waalta'oodhaan utuu fayyadameera ta'e filatamaadha.

### 4.3. Jechoota Safuutti Fayyadamu

Jechootni safuu kan hawaasa Oromoo keessatti laguu ta'aniidha.Jechoonni laguu ta'aniis akkaataa aadaafi duudhaa Oromootti fayyadamuun barbaachisaa miti.Fakkeenyaaf," Badhaasaan udaan udaane"jechuurra'Badhaasaan bobbaatii bobba'e yoo jedhame irra caalaa hawaasa biratti safeeffatama ta'a.Akkaataadhuma kanaan, jechoota safuu ta'an kanneen barreessaan kitaaba SOHJ20ffaa keessatti fayyadame akka armaan gadiitti qaaccefameera.

Gabatee C Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota SafuuKitaabicha Keessaa

| Jecha | Fuula | Keeyyata | Sarara | Jecha bakka bu'u |
|---|---|---|---|---|
| Fagaarri | 261 | 2 | 6 | bubbee/ taa'aa/ |
| Tumtuu | 232 | 2 | 16 | Ogeessa |
| Odaa qubaan tuquu | 326 | 3 | 8 | Odaamuruu |
| Harkaafi harma muraa | 409 | 2 | 8 | Gochaa suukkanneessaa |
| Haraamuu | 322 | 2 | 3 | fuudhaafi heeruma akaakayyuu |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | | | torba duraa/ as |
| Gudeeduu | 360 | 2 | 7 | Walqunnamtii saalaa humnaan raawwachuu |
| Hirmii | 288 | 2 | 6 | kanTufamu( Lagatamu) |
| Waatii | 233 | 1 | 1 | Tumtuu |

Geetaachoo (2011:57) akka ibsetti, "**…**.haala adda addaan kan ka'e hawaasni tokko jechoota akkuma feeteen maqaa kan hin dhoofne, kan jechootaan bakka bu'uu hin dandeenye osoo hin taane safuu yookaan saalfii waan ta'aniif "jechuun lafa kaa'a. Yaaada kanarraa wanti hubatamu haala qabatamaa hawaasichaa irraa kan ka'e Hawaasni kamiiyyuu dubbii keessattis ta'eebarreeffama keessatti fayyadama jechootaa xiyyeeffannoon kennamuufii akka qabu kan agarsiisudha.Dabalataanis, akka yaada kanaatti hawaasni tokko jechoota safuu jechoota biraatiin bakka buusuun fayyadamuun akka dandahmu lafa ka'eera.

Gabatee (C) fuula kitabichaa 261 keeyyata 2 sarara 6 keessatti wanti hubatamu jechi 'fagaara jedhu jecha al-idilee safuuti.Jechi kun akkataa aadaafi duudhaa Oromootiin jecha safeeffatam adha.Barreessaan jecha safuu hawaasaa darbuun ergaa inni dabarsitu jira. Kunis akkuma fagaarri dhuuftee nama salphistu; yartuun amanatanis nama ganti, waliitumsuu dhiisanii diinaaf walsaaxiluun dhiirummaan akka bade mul'isuuf kan galeedha.

Akkuma gabatee (C) fuula 232 keeyyata 2 fuula 16 gubbaa irraa mul'atuutti jechi 'tumtuu' jedhu agarra.Jechi kun akkaataa duudhaa Oromoo ganamaatti jecha qaaniiti. Jechoonni akkasii kunis waliin dubbii keessattis ta'ee barreeffama keessatti filannoofi ofeeggannoo kanneen barbaadanidha. Haa ta'u malee, barreessan kitaabicha seenaa keessatti safuu hawaasa daangaa darbuun ergaa dabarsuu barbaadetu jira.Innis kitaabicha seenaa kana keessatti mootoleen Oromoo gosa badii ykn yakkaa duudhaa Sirna Gadaa cabsuun sirna mootummaa dhaalmaa akka ijaaraniifi ilmoon warra badii keessatti dhalate (dhalatte akka hir'uutti akka fudhataman akkasumas Warra badii irrattis fincilli adda addaa akka ta'e. Fakkeenyaaf,warri tumtuu akka sibiila tumttee warra badiitti hin gurgurree ibsuuf kan galeedha.

Gabatee ibsa ragaa (C) fuula 326 keeyyata 3 sarara 8 keessatti ammoo, gaalee 'Odaa qubaan tuquu 'jedhu agarra. Odaan ulfoowwan Oromoo keessa isa tokkodha. Odaan Oromoo biratti muka qofaa miti.Muka safuu olaanaa qabudha.

Odaa ilaalchisee Biqilaa(2016:30) irratti Alamaayyoo Yaadasaa (2012 )wabeeffachuun akka ibseetti, Odaan muka Gannaa Bona lalisee jiraatufi eebbifamaa yoo ta'u, Odaan waggoota dhibba shaniinduraa eegalee muka seeraati. Seerri Gadaa Oromoo jalatti kan tumamuudha. Bara gamoon yaa'ii itti gaggeeffaman hin jirreetti gaaddisa gamoo yaa'ii Gadaa Oromoo tajaajilaa tureefi ammas yaa'iin jalatti gaggeeffaman waan ta'eef Odaan Oromoo biratti muka kabajaafi ulfaataadha.jedha.

Yaada kanarra akkuma hubatamutti Odaan uummata Oromoo keessatti ulfoowwaan hedduu safeeffataman keessaa isa tokko waan ta'eef Odaatti quba buusuun dhimma biroof itti tajaajilamuun lubbuu ofii wareeguudha.

Ibsa ragaa (C) kitaabicha seenaa fuula 409, keeyyata 2 sarara 8 gubbaarratti ammoo, gaalee harkaafi harma muraa kan jedhu agarra. Kuni akka uumaafi uumamaatti akkasumas akka aadaa Oromootti qaamni namaa muruun safuudha.Safuu ilaalchisee Gammachuu (2003:70) yoo ibsuu:

> *Safuu is moral category based on oromoo nations of distance and respects for all things.The concept of safuu is not merely an abstract category. It is constitutes the ethical base up on which all human action be founded; It is that whichdirect one on the right path; it shows the way in which life can be best lived with context of oromoo world*

Yaada kanarraa akkuma hubatamu Safuun ilaalcha Oromoon uumaafi uumamaaf qabudha.Yaann isafuu jedhu yaada qabatamaa hin qabne jechuu miti.Akka ilaalcha oroomooti yaada gocha ilma namaa raawwatu mara wajjin kan walqabatu, daandii sirrii, kan gara jireenya gaariitti nama geessudha.

Barreessaan harkafi harma muraa kana fayyadamee ergaa Sirnoonni nama nyaataa naafxanyaa Oromoo lolanii injifachuu akka hin dandeenyeef,sirni mootummaa dhaalmaa Minilik akkuma mootii Teewodiroos tarkaanfii gara jabeenyaa Oromoo Walloorratti fudhate fudhachuuf Oromoota to'annoo jala jiran bakka Aanooleejedhamuutti shira maqaa araara jedhuun waamee Oromoonnis akka aadaa isaaniitti jaarsummaaf bakka guddaa waan qabaniif nageenyaaf malee waraanaaf of qopheessine bakka karaa dhiphootti galchuun gochaa suukkanneessan Oromoota warra dhiirarraa harka mirgaa, dubartootarraa immoo,harma mirgaa irraa muruun qabsoo uummatniOromoo sirna naafxanyaarratti gochaa ture laasheessuufi warra kaan ittiin

sodaachisuuf,harkaafi morma cite mormatti fannisanii gara qe'eetti deebi'anii gochuufi kaan immoo muka achi jiruutti fannisaanii itti naanna'anii akka sirban gochuu ibsuu barbaadeeti

Akka gabatee (C ) fuula 322 keeyyata 2 sarara 3 irraa wanti hubatamu jechi 'haraamuu' jedhu jecha safuuti. Barreessaniis jecha safuu kan fayyadame safuu gaa'elaa akaakayyuu torba fuuldura walfuudhun akka hin danda'amne ibsuuf jecha kanatti fayyadameera.Yaada kana deeggaruun akka BiqilaaTufaa (2016:81) akka ibsetti:

> *Oromoon fuudhaafi heeruma raawwachuun dura qorachuun akka dursu, qorachuun intalli gurbaa fuudhu waliin gaa'eeia raawwachuuf firummaa dhiigaa jiraachuu dhabuu mirkaneeffachuu yoo ta'uu Oromoon Tuulamaa godina Arsii jiraataniitti gaa'eelli kan raawwatu fira dhiigaa abbaa torbaan booda. Gaa'eelli abba torbaan asitti raawwate haraamuu ta'a.Dhalli haraamuu qaama hir'uu ta'uu danda'a.Safuun waan cabeef niqurcaawu, jedha.*

Ibsaa ragaa (C ) fuula kitaabichaa 360 keeyyata 2 sarara 7 irraa akkuma hubatamu barressan jecha safuu gudeeduu jedhu kan fayyadamee waraanni Gondorootaafi warra Walloo Minilikiifi Goobanaa gargaaruu dhufan Oromoonni akka sooran taasiameen gidduutti Oromoon Tuulamaa Sirni Gadaa geenyaan Odaa Nabeeti haadha warraa isanii waliin jila yemmuu deeman loltootn kun dubartoota manatti hafan humnaan saalqunnamttii irratti raawwatangara jila Abbootii Gadaatti yemmuu dhaammatan, Isinuu dhirsa mana nuuf gootanii deemtan akka gara manatti hin deebine ,"jedhanii jecha safuufi qaaneessa kana ergachuu isaanii ibsuuf kan galeedha.

Akkuma ibsiragaa (C) kitaaba"Seenaa Oromoo Hanga Jjaaarraa 20[ffaa"]fuula 288 keeyyata 2 fuula 6 irraa mul'atuuttijechi hirmii jedhu jecha al-idilee safuuti. Hirmiin gaa'eela keessatt sirna miinjoonniraawwatanidha.Hirmiin sirna rakoo wajjin kan walqabateedha.Rakoon qalamu malee hirmiin hin tufamu. Hirmiin kan tufamu guyyaa gaa'eelaa bariidha. Gama biraan, aadaa Oromoo keessatti guddifachaansaba kan ofii hin taane iyyuu Oromeessee guddisuun akka dhala isaatti qabeenya nidhaalchisa. Haa ta'u malee, barreessan kitabicha seenaa keessatti jecha kana gargaaramee ergaa inni dabarsuu barbaade Teewodiroos ilma Warqituu Amadee Alii jedhamu nan guddisa jedhee kiristinnaa fudhatee haaloo bahumsa haadhaa harkaafi miila muree qileeti naqe haati bakka ilmishee qaamni isaa kutamee darbatame sana ilaaltee lafeen isaallee yoo argame akka guuramuufi hirmii ishee baafachuuf akka isheen gaafatte ibsuuf kan galeedha,

Gabatee (C ) fuula kitaabichaa 233 keeyyata 1 sarara 1 irratti jechi 'waatii' jedhu jechaa safuui. Barreessanis jecha kanaan ergaaOromoon warra Badii ykn seera hin qabne duudhaa sirna Gadaa

cabsuun mootummaa dhaaltummaa hundeessan irratti fincilli adda adda ta'een waatiin gogaa duugee warraa badiitif akka hin kennineefi gosootni biraa Badiif akka hin ajajamne ibsuuf itti gargaarameera.

Walumaagalatti, gama safuu hawaasaa eeguutiin yooo xiinxalame, uummatni Oromoo safuu uumaafi uumamaa keessaatti safuu aadaa, amantaafi duudhaa baroota dheeraa kuufate kan qabudha. Aadaa Oromoo keessatti qama namaa muruun,Odaa muruun, fagaara, sagaagaluu, fuuniifi heerumni akaakayyuu torbaa as akkasumas faaqiifi tumtuu kanneen jedhamankun kan safeeffatamanidha.Kanaafuu, Barreessan barreeffamaisaa keessatti jechoota hawaasa Oromoo keessatti akka safuutti ilaalaman waan taheef, barreessaanis jechoota akkanaa fayyadamuunsaa hanqina isaa isa olaanaadha.Sababin isaas fayyadamni isaa safuu hawaasichaagiddugaleessa waan hingodhanneef.

### 4.4 Fayyadama Jechoota Ogummaa

Fayyadamni afaani hawaasa tokko keessatti namoota sadarkaafi hojii adda addaa qaban gidduu jiru garaagara.Sababiin isaas fayyadamni afaanii haala amala mana hojiin dhaabbiilee mootummaafimit-mootummaakeessatti fayyadaman garaagara ta'uurraa kan ka'ee barreeffamaanis ta'ee dubbiin walii galuun nirakkisa.Barreeffama keessattis jechoota ogummaa namni fayyadamu of eegannoo gochuu qaba.

Gabatee D Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota Ogummaa

| Jecha | Fuula | Keeyyata | Sarara | Bakka bu'aa |
|---|---|---|---|---|
| Barsiisota | 203 | 1 | 3 | Hayyoota |
| Qaareezaa | 293 | 2 | 7 | Baataa |
| Raayyaa | 296 | 1 | 2 | Hoomaa |
| Sheekota | 208 | 2 | 8 | Barsiisaa amantii Islaamaa |
| Quraanaa | 247 | 1 | 2 | Kitaaba amantii Islaamaa |
| Tokkummaa | 271 | 2 | 3 | Walta'umsa |
| Dimookiraatawaa | 328 | 2 | 1 | Bulchiinsa walqixxummaa |
| Barattoota | 343 | 1 | 4 | Baarumsa kan baratu |
| Ofiisaroota | 293 | 2 | 11 | Loltoota |

Gabatee ibsa ragaa (D) fuula kitaabichaa 203 fuula 1 sarara 3 irraa akkuma agarru jechi 'barsiisota' jedhu kun jecha ogummaati. Jechi ogummaa kun fayyadama afaanii caalmaatti dhaabbilee barnootaa keessatti fayyadamnudha. Bareesaan jecha ogummaa kan gargaaramee mootichi Gommaa Sirna Gadaa Waaqeeffannaa Oromoo dadhabsiisuun amantii Islaamaa akka babal'atu barsiisota amantichaa haala mijeessuu mootichaa ibsuudhaaf kan galeedha.

Akkuma ibsa raga (D) fuula 293 keeyyata 2 sarara 7 irraa hubatamutti, jechi 'qaareezaa'jedhu jecha ogummaa mana yaalaati. Ergaan fayyadama afaanii jecha kanaa mootichi Teewodiroos waraana Oromoon Walloo gaggeessaniin mootichi erga du'ee booda eegduu tokko malee reeffisaa kan fuudhu dhibee qaareezaarra yeroo dheeraadhaaf akka ture kan ibsudha.

Akkuma ragaa (D) fuula kitaabichaa 296 keeyyata 1 sarara 2 irratti jecha 'raayyaa' jedhu agarra. Ergaan fayyadama afaanii barreesaan kan gargaaramee gochaa mootichi Yohannis IV Oromoo Raayyaa irratti hoomaa waraanaa isaatiin ajjeechaafi saamicha inni geessisee ibsuudhaaf kan galeedha.

Akkuma gabatee (D) fuula kitaabichaa 208 keeyyata 2 sarara 1 iraatti ammoo jecha 'Sheekota' jedhu agarra. Ergaan fayyadama afaanii barreessichi mootooleen Limmuu umurii aangoo siyaasa isaanii dheereffachuuf amantii Musiliimummaa fudhachuun hawaasa daldalaa biratti beekamtummaa fi fudhatama guddaa argachuun, garee siyaasaa issan gargaaran shakkii tokko malee akka issan garggaaran gochuufi uummanni amanticha akka fudhatanUlaammaan ykn barssiinni amantichaa akka wiirtuun mootumma Limmuu Saqqaa akkaa ta'ee ergaa dabarsuuf fayyadama afaanii kan amantichaa fayyadameera.

Ibsa ragaa (D) fuula 247 keeyyyata 1 sarara 2 irraas wanti agarruu jecha ogummaa 'Quraana "kanjedhudha. Barreessanis fayyadama afaanii kanaan Mootonni Gommaa aadaa Sirna Gadaa dhiisuunuummata issaanii seera Shaariyaan bulchuuf barsiisotaafi Waliyyoota bakka sana turaniif lafaafi qabeenya guddaa keennuun amantichaa akkabarssiisanjajjabeessuun, uummataOromoo Jila Muudaa gara Qaalluutti deemaa turan immoo, hambisuuf dhorkaafi ugguraa akka turan ibssuuf fayyadameera.

Gabatee (D) fuula kitaabichaa 271 keeyyata 2 fuula 3 irratti jecha 'tokkummaa ' jedhu agarra. Fayyadamni afaanii kun fayyadama afaan warraa siyyaassaati. Barreesaan kitaabichaas jecha oguummaa kan gargaaramee ergaa kunis shira warri naafxanyaan uumameen Leeqaa Qeelaam

keessatti Oromoota gidduutti walitti bu'insa uumameen Sirna Gadaa cabsanii mootummaa dhaaltummaa tokkummaawaa akka ijaaran ergaa dabarsuu barbaadeeti.

Ibsa Ragaa (D) fuula 328 keeyyata 2 fuula 1 irratti immoo jecha 'dimookiraataawaa' jedhu agarra.Barressan jecha kan fayyadama afaanii abbootii taayitaa bara kanaa osoo hin taane Sirna Gadaa; sirna nagaafi tasgabbii, walqixxummaa mirgaafi oolaantummaa seeraa uummata Oromoo biraatti ittiin kabajamuu akkasumas dimookiraasii addunyaan kun faarsutu hundaaf maddi sirna Gadaa akka ta'eefi Oromoon Siran kaanna bulaa fi ofbulchaa akka ture ibsuudhaaf kan galeedha. Gabatee (D) fuula kitaabichaa 343 keeyyata 1 sarara 4 irratti ammoo jecha ogummaa 'barattoota' jedhu aggarra. Jechi ogummaa kun itti fayyaadamaa afaan mana barnootaa ta'uus barreesaan barreeffamicha keessatti jecha ogummaa kana haala kannaan fayyadamee dhhamsi inni dabarsu Oromoo Oromoon barssiisuu akka carraa guddaafi karaa salphaatti ilaalaa kan turan Misiniin Warra Siwiidish mana barumsaa Oroomoonni irraa bilisoomankan itti baratan hundeessun barattoota barsiisa kan turaan Abbaa Gammachiisiifi Asteer Gannoo kitaabota amantii gara afaan Oromootti hiikuun barsiisaa akka turaniif guddinna Afaan Oromoo harra irra gahee jiru kaanaafis bu'uura ta'uu isaanii ibsuuf kan fayyadameedha.

Gabatee (D) fuula kitaabicaa 293 keeyyata 2 irraa akkuma hubatamu jechi kun jecha ogummaati. Fayyadamni afaanii fayyadama afaan mana murtiifikankan fakkatan keessatti beekama. Akka fayyadama afaan kitaabichaatti mootichi Teewodiroos kiyyaa Oromoo Raayyaaf diriirsaa tureen ofiis yemmu inni kiyyeeffamee du'ee reeffisaa akka dhiitammaafi rukkutamaa akka tureefi ofiisaroonni biyya ingilizii bakka sana turanii immoo kootii mootichaa kukkutuun fudhatanii akka walsamaanan kan ibsudha.

Walumaa galatti, barreessaan jechoota ogummaa garaagaraa kanatti gargaarameera.Jecootni ogummaa addda addaa barreessaan kitaaba kana keessatti fayyadame kun dubbistoota biratti haala walfakkatuun hubatamuu hin danda'an. Dubbistootni dubbisanii ergaa isaa hubachuu dhabuurraa kan ka'ees kaayyoon barreessaa galmaan hin ga'u. Kanaafuu, barreessaan kitaabichaj echoota ogummaa hedduu barreeffama isaa keessatti fayyadamuun isaa hanqina barreessichaati.

### 4.5. Jechoota Idilee Seeran Fayyadamurratti

Fayyadamni jechootaa barreeffamakeessatti bifa al-idileenosoo hintaane idileetiin kandhihaatanidha. Jechootni kungalmee jechootaa keessatti kanneen idileetiin argamaaniifi irra

caalaan isaanii kanneen guyyaa guyyaan itti fayyadamaa ooluudha. Jechootni akkasii kun immoo waaltina Afaan Oromoo keessatti gaheen isaan taphatan guddaadha. Kana malees, jechoonni kunneen guddinaafi bulchina sammuu hawaasaatiif bakka olaanaa qabu.

### 4.6. Fayyadama Jechoota Faallaa

Jechootn faallaa walitti dhufeenya jechoottaa akkaataa hima keessatti galuun ergaa ykn dhaamsa barbaadame dabarsuu barbaadaniin kan dhihaateedha. Haaluma kanaan, jechoota faallaa kanatti gargaaramuun haala isaan dhaamsa dabarsan bu'uura godhachuudhan armaan gadiitti himoota keessaatti akkaataa fuula kitaaba seenicaa keessatti argamanii duraa duuba isanii eeguun qaaccefaamaniiru**.**

**Ibsa Ragaa E fayyadama Jechoota Faallaa**

Fuula Himoota jechootaFaallaa ofkeessaa Qaban

329. Wanti hedduun namagaddisiisa yemmuu loltootni habashootaa mucaadaa'ima haadharraaFuudhanii bakkeetti gadii darbataniihaadha fuudhanii deemanidha.Kun hunduu nuun nucinqa isaaniin immoo ni gammachiisa.

Ibsa ragaa (E) fuula 329keessatti wanti hubatamuu jechootni gaddisiisaafi gammachiisa jedhaman jechoota walii faallaa ta'uu isaaniiti.Kunis gaddaafi gammachuu agarsiisuuf kandhihaatedha.Fuulleeeffannoonbarrreessaa garuu dhiibbaa dubartoota oromoofi daa'imman isaanii irratti raawwatame hangama akka ulfaataa ta'ee jiraachuu isaafi gochaa suukkaneessaa ta'uu isaa ibsuu barbaadeeti.Kanaaf, jechoonni faallaa kun dalaga hamaa loltootni habashootaa daa'imman haadharaa fuudhaanii bakkeetti gadi darbatanii haadha fuudhanii deemuun gadisiisuurra darbee kan nama cinqu ta, uusaa agarsiisa.

Gama dinagdeen yoo ilaallu ammoo, habashoonni biyya Oromoo keessa jiran yeroo waraanni isaanii qabeenya uummata Oromoo saamuu hojii godhatanii loon kitilaatti lakkaawaman jalaa ooffatanii isakan guuranii kan dadhaban immoonibarbadeessan. Gochaan saamicha loltoota habashootaan godhame kun aangoo dinagdee uummata Oromoo dadhabsiisuun diddaa garbummaa lafa lafee isaafi qabeenya isaarratti taasisee kottoonfachiisuuf akka ta'ee mul'isa.

Gama siyaasaan immoo habashoonni lola keessatti nama mana jirus ta'e ooyiruu isa keesaa hojjetatu walitti qabanii ajjeesaan, yookaan immoo harkaafi miila irraa kukkutuunqabsoo uummatni abbaa biyyummaafi qabeenya isaarratti godhe abdii kutachiisuuf kan raawwatame ta'uu mul'isa.

320 Oromoo keessatti aangoon kan argamu sanyiifi qabeenyaan miti.Dandeettiifi beekumsan filatama malee.

Akkuma ibsa raga (E) fuula kitaabichaa 320 irraa hubatamu jechootni barreessaan gargaarame jechoota waliif faallaati. Barreessaan jechoota faallaa kanan ergaa aangoon saba Oromoo keessatti aangoon kan argamu akkaataa duudhaa sirna Gadaatiin dandeettiifi beeekumsaan akka ta'eef, Saba biraa biratti immoo aangoon kan dhaalamu sanyiifi qabeenyaan akka ta'ee ibsuuf kan gargaaramedha.

363 Hunddeeffamnni magaalaa Finfinnee garee tokko araddaa isaarraa kan buqqise kan boochise yoo ta'u, garee biraa immoo injifataa godhee gammachuun uummatarratti akka roorrisu godheera.

Akka ragaa (E) fuula 363 keessatti jechootni araddaa isarraa buqqiseefi boochisefi injifataa godhee gammachuun uummatarratti akka roorrisuu godheera kanneen jedhan jechoota faaallaati.Hiikni isaanis godaansiisefi gaddisiise, mo'ataa, kan itti tole jechuudha.Kunis garee tokko araddaa isaarra kan buqqiseefi kan boochise yoo jedhu duula biyyaaa baasuu abbaa biyyaa Oromoota Gullaleerratti godameen alatti saamicha lafaa, loonii, oomisha manaafi alaan sirna Minilikiin irratti godhamee agarsiisuufi.Kunis hundeeffamni magaalaa Finfinnee garee injifataa kan gammachiiseefi abdii itti horuun uummata irratti akka roorrisuu kan godheefi abbaa biyyaa Oromoohandhuura hundeeffama araddaa Finfinneefi naannoo isheef immoo seenaa gammmachiisaa osoo hinta'iin kan humni Oromoo itti cabe, mirgi jiraattoota ishee durii kan itti miidhameefi itti roorrifame ta'uu ibsuuf barreessaan jechoota kanatti fayyadame.

Gama Seenaan yoo ilaalamu Finfinneen Afrikaa Bahaa digirii laatiitiyuudii $9^0$ K (Kaabaa)fi digirii loongiittiyuudii $39^0$ B (Bahaarratti) kan argamtu taatee handhuura lafa Oromiyaa qabiyyee gosaTuulamaa Kan (torban Oboofi ja'an Galaan) irratti kan hundeeffamtedha.Finfinneen duriikaastee Oromoota maraaf Araddaa Muudaa Ireechaas turte.

336.Lafa furdaa waa biqilchuu danda’u ofiif fudhatan.Isa borqii immoo Oromootti gurguran.Ibsa ragaa (E)fuula336 irraa wanti hubatamuu jechootni furdaafi borqii jedhaman waliif faallaadha. Hiikni isaanis gabataa kan waa biqilchuu danda’uufi gabbata kan hintaane, kan waa biqilchuu hindandeenye jechuudha.Fuulleffannaan barreessaa garuu,abbaa biyyaa kan ta’an Oromoo Arfan Qalloo lafa lafee isaanii isa gabbataa,waa biqilchuu danda’u ofiif irraa molqanii fudhachuun lafuma isaanii isa waa biqilcuu hindandeenye borqii immoo,gatii warri misirootaa himataniin mormii tokko malee qabeenyuma lafa isaanii deebisanii irraa akka bitan gochaa saamichaa isaan oromoota kanarratti raawwatan ibsuuf fayyadame.

Gama siyaasaan yoo ilaalle,hacuuccaa bulchiinsa warra Misiraan Oromoonni Arfan Qalloo araddaa adda addaatti qoodee sirna bulchiinsa isaanii sirna Gadaa balleessuun bakka bulchiinsa araddaalee hundatti aangoo dhaaltummaa sanyii hundeessanii lafa oromoota kanaa samichaaf akka mijeeffataniifimirga abbaa biyyummaa duudhaa isaaniitiin ofbulchuu sarbamuu ibsuuf barreessaan jechoota filatamoo akkasiitti tajaajilame

Gamadinagdeen yoo ilaallu ammo, abbaan biyyaa uummanni oromoo lafasaa saamamee keessaa isa borqii bituudhaan qotee calla gaarii akka hin arganne akkasumas dinagdee kufaan daraaramee/hiraarsamee human garboomfataaf akka kottoonfatu ta’uusaa ibsuuf kan galeedha.

366 Karrawwaan gurguddoo gara Finfinneett nama galchan ykn seensisan gara Bahaan KarraBarrakiifi karra Alloo yoo ta’an, gara Lixaan immoo Karra Qorxii ykn Fulidooroofi Karraqoree(Jamoo) jedhamu.Gara Kaabaan immoo Karra Xuuxoofi Dildila ykn Baddaa Qorraattiyoo ta’an, gara kibbaan immoo Karra Basaqaa, Karra Handoodeefi Karra Ereer jedhamuunkan beekamanidha.

Ibsa raga (E) fuula kitaabichaa 366 keessatti wanti hubatamu jechootni baha, lixa, kaabaafi kibba jedhaman waliif faallaadha.Kunis kallattiiwwan bu’uuraa arfan mul’isuudhaaf kan dhiyaatanidha.Akka yaada barreessatti jechootni faallaa dhiyaatan kunneen handhuurri uummata Oromoo Finfinneen kallatti maraanuu hulaawwan qabaachuushee akkasumas ilmaan Oromoo Finfinneehundeessan ilmaan Booranaa,ilmaan baareentuu,ilmaan Maccaafi Tuulamaa karrawwan arfan kanaan jiruufi jireenya isaanii gaggeeffachaa turuu isaanii ibsuuf itti kan gargaaramedha.

Gama hawaasummaatiin yooilaalamu ammoo, ergaa barreessaandabarsuu barbaade karrawwan arfan dhiyaatan hundaanuu uummanni Oromoo jiruufi jireenya hawaasummaa gaggeeffachuun

handhuura Oromoofi Oromiyaa, Finfinneerraa gara kutaalee Oromiyaa hundaatti akkasumas, kutaalee Oromiyaahundarraa gara handhuura Oromoo Finfinneettiemalaa turuufi emalaa jiraachuusaa agarsiisuuf barreessn jechoota faallaa kanatti fayyadame.

**4.7. FayyadamaJechoota Moggoo**

Jechootni moggoojechoota hiika walfakkaatu qaban kanmul'isaniidha. Jechootni Moggummaa qabankunis kan walitti dhihaatan malee guutummaatti tokko ta'uu hin danda'an. Addunyaa.(2014:112) O'Grady (1996:234) wabeeffachuun akka ibseetti,

> *"Synonyms are words or expressions that have the same meaning in somecontexts.Although, it is easy to think of contexts words have the same meaningand there are also contexts in which ther meanings diverge at leastslightly."Jedhe.*

Yaada kanarraa akka hubatamuutti, jecootni hiika walfakkii qaban tokko ta'uu akka hindandeenye mul'isa. Haaluma kanaan, jechoota galumsa tokko keessatti hiika walfakkii qabaatan garuu unkaan jechoota sanaa tokko miti. Bu'uura kanaan, himoota kanaa gadii keessatti jechoonni argamanis haala gubbaatti ibsameen ergaa kan dabarsaniidha**.**

**Ibsa Ragaa F Fayyadama Jehoota Moggoo**

| Fuula | Himoota Jechoota Moggoo Qaban |
|---|---|
| 57 | Sabni seera hinqabneefi fa luugama hinqbne walfardikkaatu. |

Akka ragaa (F) fuula 57 armaan olii keessatti ammoo,galeewwan sabni seera hinqabneefi fardi luugama hinqabne jedhaman waliif moggoodha. Seerrisaba tokkoof ittiin bulmaata,daangaafi kallattii adeemsaa kan agarsiisa yoo ta'u,Luugamni ammoo kallatti adeemsa fardaa bitaa mirgatti,mirgaa bitaatti,fuulduraa duubatti akkasumas duubaa fuulduratti kallatti agarsiisuufi to'achuuf kan gargaaru jechuudha.Haa ta'u malee, barreessaankitaaba seenaa keessatti jechoota kanatti gargaaramee ergaa inni dabarsuu barbaade sabni seera hin qabneefi fardi luugama hinqabne garatti adeemu hinbeeku keessumattuu ammoo jireenya dhala namaatiif seerri barbaacisaa ta'uufi bakka seerri qajeelaan uummanni ittiin ofbulchu hin jirreetti bilisummaan, nagaafitokkummaan jiraachuu akkajiraachuun hindanda'amne ibsuudhaafi.

71 Seera Caffee Oromoo keessatti Qaalluu ganamaa; Qaalluun hangafa; Qaalluun Waaqarra bu'e, Qaalluun qulqulluudha; Qaalluun abbaa Mudaatti.

Ibsa ragaa (F) fuula kitaabichaa 71 iraa akka hubatamuutti jechootni Qaalluu ganamaa, Qaalluu hangafaa,Qaalluun Waaqarraa bu'e,Qaalluun qulqulluufi Abbaa Muudaati kanneen jedhan jechoota moggoo barreessaan barreeffama isaa keessatti fayyadamf yoo ta'an hiikni jechoota kanaa guutummaan guutuutti tokko ta'uu yoo baataniis walittti siiqinsa qabu.Barreessaan barreeffama kitaaba seenaa keessatti jechoota kanatti kan tajaajilame dhaamsa inni dabarsuu barbaade Seera Caffee Oromoo keessatti Qaalluun Sirna Gadaafi amantii keessatti bakka olaanaa akka qabuufi Abbaan Muudaa Waqaafi nama gidduutti nageenyaafi badhaadhinaaf akka hojjetu akkasumas abbaan muudaa toora amantti,aadaa, safuufi Sirna Gadaa tiksuu malee dhimma siyaasaa keessatti qooda kan hinqabneefi Abbootii Gadaa aangootti dhufan kan eebbisee muudu Qaalluu akka ta'e ibsuuf jechoota filatamoo walfakkii kanatti fayyadame.

Gama Seenaan yoo ilaallu ammo, seenaa dhufaatii Qaalluurratti afoolli iddoo baay'eetti Waaqa waliin walqabsiisa.Akka afoola kanaatti,Qaalluun ilma Waaqaati.Amantii Waaqeffannaa Oromoo keessatti Qaalluu inni duraa yeroo Waaqayyo namaduraa {Horoo} uume jedhama.Innis ergamaa Waaqarraa aadaa, safuufi seera qabatee ergamedha jedhamee amanama.

295 Yohaanis namni Raayyaa hin ajjeesiin nukeessa jiraachuu hin qabu.Sodaattuuufilugnajedhama.Akka dubartiittis ni lakkaawwama. Ajjechaa kana raawwattan malee loltuu kiyyaa hintaatan ergaa jedhu dabarsuu barbaadeetujira. Kunis Mootummaan YohannisIVduula haaloo ba'umsaa Oromoo Raayyaarratti dhaadannoon dhaadachaa tureefi loltoota isaa onnachiisuudhaaafi

Ragaa (F) fuula 295 keessatti wanti hubatamu jechootni sodaattuufi lugna jedhaman jechoota walfakkiidha. Hiikni jechoota kanaas sodaattuun waan tokko raawwachuudhaaf kan onnee dhabee yoo ta'u, lugna jechuun ammo dabeessa jechuudha. Jechoota kana gargaaramee barreessaan xiiqii keessa galcuu isaa ibsuufi.Kana malees, barreessaan jechoota filatamoo kanatti kan fayyadame, motummaan habashaa Yohaannis jedhamu kun jibbinsa Oromoo Rayyaarratti qabuun loltootasaallee xiiqii keessa galchee namni Raayyaa hin ajjeessne sodaattuufi lugnummaarra darbee akka dubartiittis nilakkaawwama,ajjeechaa kana raawwattan malee looituu kiyyaa hintaatan jedhee dhaaddachuusaa ibsuuf kangalanidha.

435 Yeroo weeraruuf biyyanamaa geessan dursaa hariiroo nageenyaqabuun dhiyaadhaa Garuuyoolola isini irratti bana hanga dandeessanrukutaa,cabsaa, gabroomsaa; waanwaaqayyokeessan isaan irratti gooftaa isin taasisuuf.

Ragaa (F) fuula kitaabichaa 435 keessatti akkuma hubatamu jechoonni rukutuu,cabsuufi gabroomsuu jedhan kunneen jechoota walfakkiiti. Barreessaan moggummaa isaaniin alatti ergaa dabarsuu barbaadetu jira. Kunis imaammta dinagdeefi amantii kiristaana hinfudhannee karaa Yohannis IVfi Miniliik Oromoo Raayyaafi Oromoo kan biroo sirna Feteha Negasti jedhu labsuun akkaataa uummattoota human qaweetiin qabanii gabaroomsaniifi amantii siyaasaa itti fe’uun itti bulchan akkasumas, Oromoota Amantii Ortoodoksiifi garbummaa fudhachuu didan ammoo, qabiyyee lafa isaanii saamuun biyya isaanii akka gadlakkisiisan ibsuu barbaadeeti

Gama Seenaan yoo ilaallu ammo, seenaa dhufaatii Qaalluurratti afoolli iddoo baay’eetti Waaqa waliin walqabsiisa.Akka afoola kanaatti, Qaalluun ilma Waaqaati.Amantii Waaqeffannaa Oromoo keessatti Qaalluu inni duraa yeroo Waaqayyo namaduraa {Horoo} uume jedhama.Innis ergamaa Waaqarraa aadaa, safuufi seera qabatee ergamedha jedhamee amanama.

**4.8. Fayyadama Jechoota Galumsaa**

Jehoonnigalumsa jechoota himoota garaagaraa keessa galuudhaan ergaa ykn hiika danda’aniidha.Haaluma kanaan, kitaaba seenaa kana keessatti barreessaan jechoota haala adda addaan himaafi barreeffama keessatti qabiyyeen akkaataa ergaa dabarsuu danda’uun kanaa gadiitti qaacceffameera.

**Ibsa RagaaG Fayyadama Jechoota Galumsaa**

Fuula Himoota Jechoota galumsa Qaban

168Faasiil loltoota 3000 qbateeMikaa’elittiduulus mo’achuugaruu hindandeenye.Haa ta’uutti gara oromootti baqachuun human isaa cimsatee waraana qixxeeffachiisaa gochaakan turedha.

Ibsa ragaa (G) fuula 168 keessatti jechi qixxeeffachiisaa jedhu jecha galumsaatiif barreessaankan itti gargaarame yoo ta’uu, hiikni jecha galumsa kanaas madaalawaa kan jedhudha.Garuu, barreessan barreeffama isaa keessatti jecha kanatti fayyadamuun ergaanni dabarsuu barbaade Faasiil Oromtichi loltoota hedduu qabatee Mikaa’eeliitti duulee milkaa’ina dhabuus abdii osoo hinkutatiin gara Oromootti baqachuun human isaa cimsatee waraana madaalawwaa gochaa akka ture ibsuuf gargarame

272 Mardaasaan aangoo molqameemana jiilchaattidarbame ajaja warra Naafxanyaafi maqaa Masfinjedhu Qeesii Ortodoksii Itoophiyaa kennameef fudhachuu waan dideefi.Itoophiyaan, kennameeffudhachuu akka dide ibsuuf jecha galumsaa kanatti gargaarame.

Ragaa (G) fuula 272 keessatti jechi galumsaa jiilchaatti kan jedhu bakka waan duraan hojjetan itti gaabban, bakka sirni nama nyaataa warra Salamoonaawaa nama hiraarsan hiika jedhu qaba.Yaanni barreessichi kitaaba isaa keessatti ibsuu barbaade, bara kufaatii Sirna Gadaa Leeqaa Qeellam keessatti saffise Mardaasaa Jootee ajaja warra Nafxanyaa, Masfin Qeesii Ortoodoksii278 .Warqituun loltootasheeqabattee waraana Teewodiroosiitti marsiteehiraarsite Imaamota hafani ifis fakkeenya cimtuu taate.

Akkuma ragaa (G) fuula 278 keessattihubatamuutti jecha galumsaa hiraarsite jedhu hima olii keessatti gargaargaramuun sammuu dubbistootaa keessatti akka kennu godha. Akkaataa galumsa himichaatti dhiphiste, gidirsite kan jedhu agarsiisuuf barreessaan barreeffama isaa keessatti gargaarame.Kunis Teewodiroos kiyyoo Oromoo Walloofi Shawwaaaf diriirsee dararaa tureen Teewodiroosiifi loltootni isaa dabareeshee Warqituufi loltootasheen kiyyeeffamuu isaanii ergaa jedhudabarsuu barbaadeeti.Kana malees, yaanni barreeffama barreessichaa lola qixxeeffachiisaa Imaamotaafi Oromootni Walloo kiphaniin Imaamotni hedduun erga ajjeefamaniin booda aadde Warqituun abdii kutannaa malee loltoota ishee waliin Teewodiroosiin hiraarsitee Imaamootaa hafaniitiif fakkeenya cimtuu taatee abdii isaan horachiisuu ishee ibsuuf kan galedha.

Gama Amantiin yoo ilaallee, kaayyoo Teewodiroos kaayyeeffatee Oromoo Walloofi Imaamota irratti gaggeesse keessaa tokko amantii Islaama Walloo balleessuu ture. Kunis gorsa Abuna Salaamaa kan Amantii Ortoodoksii galmaan ga’uuf ture.Ha ta’u malee, yaadni barreessaa barreeffamichaa dabarsuu barbaade, lola jala dhaabbannaa Warqituun loltootashee wajjin Teewodiroos irratti gaggeessiteen Imaamotni hafaniif abdii horachiiftee Amantii Islaamummaa isaanii akka hordofan gochuushee ibsuuf kan tajaajilamedha.

337 Abdullaahiin Oromoo Amantii islaamaan itti fufsiisuu barbaade.Oromoonni immoonidida. Amiir
Abdullaahii waraana gurguddaa lama Oromoorratti gaggeesse lachanuu injifannoo
kottoonfachiisaan injifatame.

Ragaa (G) fuula 337 jalati akkuma hubatamu jecha kottoonfachiisaa jedhu hiika cimaa, suukkanneessaa jedhu qaba.Hiika galumsaa kannan alatti barreessaan yaadni dabarsuu barbaade Abduullaahiin Oromoota amantii isaanii dhiisanii Amantii Islaamaa akka hordofan barbaade garuu, Oromoonni waan didaniif waraana gurguddaa irratti gaggeesseen Oromoonni jala dhaabbannaa akka godhan ibsuuf gargaarame.

334 Oromoon Noolee bakka Igguu jedhamuutti humnoota Misiraa kiphanii lola si'a torba gaggeessaMisiroonni madfiin Oromoo duguuguueegalan.Kanan booda Misiroonni olaantummaa isaanii mirkaneeffachuun Harariin qabatan.

Ibsa ragaa (G) fuula kitaabichaa 334 irraa agarru duguuguu jechi jedhu jecha galumsaati. Hiikni isaas fixuu, lafarraa balleessuu kan jedhudha.Barreessaan jecha kanatti gargaaramee mootummaan warra Misir Raa'uf Paashaa Oromoonni Noolee kan Harar tokkummaa uumanii isa marsuu hubatee itti araaramuuf jaarsummaa ergate.Oromoonnis akka aadaa isaaniitti jarsummaatt**i** waan amananiif shakkii tokko malee bakka bu'aa isaanii erga ergataniin booda shira uumee bulchiinsa Misiraafi Amantii Islaamaa akka fudhatan gaafatee Oromoonnis fudhachuu didnaan mana hidhaatti naqee mootichi human dabalataa gaafatee yemmuu bira gahan walitti qabee meeshaa ammayyaa Madfiidhaan akka fixe agarsiisuuf jecha filatamaa galumsaa kanatti fayyadame.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaakanakeessatti cuunfaa argannoofi yabooqorannichaa meeshaa funaansa odeeffannootiin funaanamee cuunfameedhiyaateera.Kunis hojii qorannichaa irratti hundaa’uufi yaadota ka’an bu’uureeffachuun kan raawwatamu ta’a. Kana malees, haallan itti fayyadama afaanii kitaabicha seenaa keessa jiru maal akka fakkaatau adeemsa qorannichi keessa darbe cuunfaa keessatti ibsameera.Itti aansuudhaanis argannoo qorannichaafi yaadni furmaataa duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

## 5.1 Cuunfaa

Qorannichi boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaate yoo ta’u, boqonnaa tokko keessatti afaan meeshaa waliigaltee ta’ee kan namoonni bakka garaa garaatti tajaajila adda addaatiif hojiirra oolchan ta’ee dirreewwaan hojii adda addaa keessatti itti fayyadamni afaanii garaagaraa jiraachuu isaafi bakka itti fayyadamnu irratti hundaa’uun addaa addummaan afaanii akka uumamuu ibsamee jira. Kaayyoon qorannoo kanaas qaaccessa fayyadama afaanii Kitaaba barreeffama Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa maal akka fakkaatu qaaccessuun dhimmoota itti fayyadama afaanii barreeffama kitaabichaa keessaatti wal qabatan furmaata ka’uuf akka gaggeeffame ibsameera.

Boqonnaa lama keessatti sakatta’a barruu yaadrimee,maalummaaafaaniifi fayyadama afaanii wajjin walqabatan jechootaa, akaakuu jechootaafi wantoota fayyadama afaaniifi jechoota wajjin walqabatan irratti sakkatta’insi barruu walfakkii gaggeeffameera.Kunis, yaadrimeewwan

maalummaaa afaaniififayyadaaafaaniin hidhata qaban yeroo ilaalamaan, Sakkatta'insii barruu walfakkiisqaaccessa kana keessatti laalameera.

Saxaxni, mala qorannoofi tooftaalee xiinxala ragaalee boqonnaa sadiikeessattiqindaa'eera.Malaqorannooakkamtaafayyadamuungaggeeffameera.Sakkatta'insidoo kimantii kitaaba qorannichaaf filatameetaasifamee jira.Haalliragaan itti qaacceffame ammoo, boqonnaaafur keessattidhiyaatee jira.Kanarratti hundaauunis, dhimmoonni waliigalaan qaaccessi irratti gaggeeffamees kitaaba barreeffama Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa keessatti itti fayyadamnijechootaa kitaabicha keessatti barreessaan gargaaramuun barreesse gidduugaleeffachuunqaacceffameera.

## 5.2. Argannoo

Akkuma qaccesaaafi cuunfaa fayyadamaafaaniikitaaba barreeffama Seenaa Oromoo irraahubatamuutti argannoowwan armaan gadiiargamaniiru.

- Akka ragaan qorannichaa mul'isuutti bareeffama kitaaba "Seenaa Oromoo Hangaa Jaarraa 20ffaa" keessatti fayyadamni jechoota ergifannaahedduuminaan akka argaman adda baheera.Kanafuu,kitaabicha keessatti filannoon jechootaa ofeeggannoon gochuun barbaachisaadha.
- Kitaabicha keessatti fayyadamni afaaniifi jechootaa mul'atan baay'inaan jechoota loogaan kan guutaman akka ta'ee ibsa raga adda baasee mul'iseera..
- Akka ragaanqorannichaa mul'isuuttifayyadamni afaaniifi jechootaa barreessaan kitaabicha fayyadamejechoota safuu hawaasaa hin eegnee hedduunkeessatti akka argaman mirkanaa'eera.
- Fayyadamni afaanii kitaabicha keessatti barreessaan jechoota ogummaa hedduumina qaban waan fayyadameef of eeggannoo gochuun barbaacisaadha

### 5.3 Yaboo Qorannichaa

- Barreeeffama keessatti jechoota filatamoofi jechoota idileetti fayyadamuun baayyee barbaachisaadha.

- Barreeffamni barreeffamee osoo hin dhiyaatiin dura ergaa jechootni namoota warri qopheessan dhimma itti bahan sirritti ilaalamuu qaba.Kunis haala gaariidhaan jechoota hawaasa keessatti fudhatama qaban jechootafilatamoottikan gargaaramu ta’uu qaba.

- Hanqinafayyadama jechoota loogaa mul’atan seera afaan waalteesuutiin, koreen waaltina Afaan Oromootiin, ogeeyyii barnootaan,barsiisotaafi barattootaan akkasumas barreessitootni gahee nurraa eegamu bahuun guddina afaanichaaf gumaachuun barbaachisaadha

- Afaan tokko jecha mataa isaan yaada yaada isaa rakkina tokko malee dabarsuu danda’an osoo jiruudhiisnee afaan birootttì yookaanergifannaatti fayyadamuun guddina afaanichaa saffisuu irratti danqaa ta’uu waan danda’uuf ofeeggannoo gochuun barbaachisaadha.

- Fayyadamni afaanii barreeffama keessatti jechoota filatamoo ergaa dabarsaniifi safuu hawaasaf bakkaguddaan kennamee ciminaan irratti hojjetamuu qaba.

- Fayyadamni afaaniifi jechootaa barreessan barreeffama keessatti fayyadamu safuu uumaafiuumamaa, aadaafi duudhaa hawaasa afaanichaaf ofeeggannoo olaanaa gochuutu irraa eegama**.**

- Kitaabni barreeffama seenaakun barreeffama amayyaatti waan ramadamuuf barreessitootniifi dubbistootni cimina fayyadama afaaniifi jechootaa akkasumas, seera barreeffamaa akka walii galaatti argamee kana daraan gabbisuun irraa eegama.

## Wabii

Abdulrahim Adam.(1995). *Moggaasa: Barruulee Qormaata Waalta'ina Afaan Oromoo*. Finfinnee: Dhabbata Maxxansa Biiroo Aadaafi Ispoortii Oromiyaa.

AbdulsamadMohaammad. (1995**).** *Arraataa Afaan Oromoo.Wiirtuu: Baruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo***.**Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Biir Aadaafi Ispoortii Oroomiyaa.

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa*. Finfinnee: Efficiency Printing Press.

Alamaayyoo Haayilee.(2016***).****Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa***,** Giddugala Aadaa OromoottiGaree Qormaata Seenaatiin.Finfinnee.

Ayub Ismael.(2008*)."*Language Use of the Jamican and Rastafarian Community in ShashameneASociolingustical Study."Addis Ababa University: Unpublished MA Thesis.

Bell,J.(1993).*Doing Your Research Project,Aguide for time researcher in education andSocialsctethr Backingham*: Open Univesity Press.

Berg, B.(2001).*Qualitative Research Method for the Special Science*.Califrinia state Univers ity:Long Beach.

Biqilaa Tufaa. (2016) "Qaaccessa Safuufi Safeeffannaa Uummata Oromoo Godina Arsiiti Gujii: Xiyyeeffannoon Aanaa Heexosaafi Me'ee Bokkoo" Yuunvarsiitti Finfinnee: Kan hin maxxanfamne.

Clark, H.(1996***).****Using Language*.Cambridge: Cabridge University Press.

Cook, G .(2010).*Translation in Language Teaching: An argument for Reassessement*.Oxford:OxfordUniversityPress.

Colulmas,F .(1997*). The Handbook of sociolingustic*,UK: Black well Publishers,

Cooper,R.(1976).*The Study of Language Use In M.L. Bender,J.D.Brown,R.L.Cooper,andC.A. Ferguson (eds.),Language in Ethiopia.* London: Oxford UniversityPress.

Crystal D. (1987). *The Cambridge's Encyciopedia of Language*.Cambridge: CambridgeUniversityPress.

Daangaa Bayechaa. (2010). "Fayyadama Afaan Oromoo Daldala Dhuunfaafi Gamtaa MagaalaSuluultaa."Yunvarsiitii Finfinnee: Waraqaa Digirii Lammaffaa: Kan hin Maxxanfamne.

Dastaa Dassaalany.(2013*). Bu'uura Qorannoo.* Maxxaansa2ffaa, Finfinnee: Far East Trading PLC.

Dirribii Dammissee (2012*). Ilaalcha Oromoo*.Finfinnee: Mana Maxxansaa Finfinnee.

Gabii Tushuu. (2015). "Xiinxala Fayyadama Afaanii Hordoftoota Amantaa Islaamaa Biratti." Waraqaa Qorannoo Digrii 2ffaa Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Kan hin maxxanfamne.

Gammachiis Imaanaa. (2010). Xiinxala Fayyadama Afaanii Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaaraa 20ffaa Keessatti."WaraqaaDigirii 1ffaa YunvarsiitiiFinfinnee:Kanhinmaxxanfamne.

Gammachiis Zawduu.(2008)".Xiinxala Haasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhaabuu Abootee" WaraqaaDigirii 2ffaa, Yuunvarsiitii Finfinnee: Kan hin maxxanfamne.

GammachuuMagarsaa.(2003).*TheOromo World View, Jornual of Oromo Studies*.Volume 12. Umber 1&2(July).

Geetaachoo Rabbirraa.(2011*). Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10 Gulaallii 3ffaa max. 8ffaa*AddisAbabaa: Kuraaz International interprize.

Goldman Rakic, P.S. (1998).*The Prefrontal Landscape: Implication of Functional Architecture forUnderstandingHumanmentation and the Centeral Executive.In A.C.Roberts, W.t.Robbins etal. (eds), The Preforental Context: Executive and (pp.87_102***).**New York: Oxford University Press.

Goshgarian,G.(2001*). Exploring Language (9th ed.).* New York: Addison Wesely EducationalPublisher, Inc.

Harcourt Brace and C .(1994)*). Habrace Collage Handbook (12thed).*Orlando: Florida.

Hedge, B&Kress,G.(1993). *Language as Ideology (2nd ed)* .London and New York:Routledge. Kraus,R.M. and Chiu, C.(1993*). Language Coginition and communication*. Ca: Santa Barbar.

Kumar,R.(2005). *Research Methodology: Step by Step Guide for Beginners*.LondonLondon: Stage Publications.

Levy-Brljia, Lucien. (1985*). How Natives Think (Trans. Lilian A. Clare, 3rd ed.)*Princeton: Princeton University Press.

Liulseged Erikum. (1994). *Language Use in Resettlement Sites.The Case of Angerguttin Dimt, IluAba Bora and Gambela. In Bahiru Zewude etal (eds.) Preceding of the Eleventh International Conference of Ethiopian Studies:*Addis Ababa Institute of Ethiopian Studies.

Mittikkuu Dhibbeessaafi Tashoomee Egeree. (1992). *Seerluga Afaan Oromoo (Orla 114), Hidha 2ffaXiinjecha.*Finfinnee.

Nageessoo Duubee. (2008)." Qaaccessa Fayyadama Afaanii Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaa Furuu." Yunvarsiitii Finfinnee, Waraqaa Digirii Lammaffaa: Kan hin Maxxanfamne.

O'Graday and Dobrooliskly.(1996).*Contemporary Lingustic, An introduction third ed*.Canada.Palmer R.F. (1981*).Semantic* .Cambridge Unversity Press. (2nd ed.) Stanford A Scheme.

Richard .(2008). *Methodology.In Language Teaching. Cambridge*. Cambridge Univesity Press.

Stockwell, P. (2002). *Sociolingustics: A Resource Book for Students*.London and New York: Routledge.

Wallace, J. B. (1974). *The Level of Retrest and Feeding Net of Macronema Carolina Banks*.(Trichopetera: Hydropsychidae) :Hydro- biologia.

Warqinesh Qalbeessaa. (2005).”The Utility of Ethical Dialogue for Marginalized Voice of Africa” Institute for invironment and developmenta. Addis Ababa University.

Wolff, E.(2000).*Language and Society.In Heine, B.and Nurse, D.(eds.) African Languages:An Introduction.*Cambridge Univesity Press.

*htt://en wkipedia.org/wiki/data analaysis*

**Waraqaa mirkaneeffannaa**

Ani qorataan/qoratuun maqaafi mallattoonkoo armaan gadiitti eerame qorannono kun hojii koo ta’uu isaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiiyyuu keessatti kan hin dhihaanne ta’’uusaa akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta’een fudhee wabii keessatti kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ____________________________________________

Mallattoo___________________

Guyyaa_____________________

**Dabalee A**

**Yunvaarsiitii Addis Ababaa**

**Kolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Sabqunnamtii Muummee**

**Afaan Oromoo Ogbarruufi Fookiloorii**

| **Fayyadama Jechoota Ergifannaa fi Jechoota Loogaa kitaabicha keessaa** | Fuula |
|---|---|
| **(A1)** Qeesota | 83 |
| Mangista samayaat | 123 |
| Shumoonnii | 130 |
| Anteem Alii weldoohaal | 297 |
| Dur yegaffaa raayyaa Oromoo | 306 |
| (A2) Bataskaana | 188 |
| Xalaanni | 320 |
| Qalabuu | 337 |
| Arbanyoota | 353 |
| Addis Ababaa | 387 |
| Ager aqinyii | 438 |
| Mishiggii | 290 |
| Proofeetii | 64 |
| (B1) Michuu | 39 |
| Buttoodhaan | 137 |
| Yayyabame | 51 |
| Kormoome | 148 |
| Wayyaa gurraacha | 77 |
| Maalima | 79 |
| Qunnaa | 190 |
| B2) Folodaa | 398 |
| ( Hiraarsee | 290 |
| Gennee | 212 |
| Jiilchaa | 272 |
| Abuungee | 234 |
| Amajaajii | 136 |
| Muchaa | 39 |
| Sanyoo | 212 |

## Dabalee B

## Yunvaarsiitii Addis Ababaa

## Kolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi

## SabqunnamtiiMuummeeAfaan Oromoo Ogbarruufi Fookiloorii

| Fayydama Jechoota Safuufi Jechoota Ogummaa kitaabichaa | Fuula |
|---|---|
| (C) Fagaarri | 261 |
| Tumtuu | 232 |
| Odaa muruu | 326 |
| Harma muruu | 410 |
| Sagaagaluu | 360 |
| Hirmii | 288 |
| Faaqii | 233 |
| ( D)Barsiisota | 203 |
| Qaareezaa | 293 |
| Raayyaa | 296 |
| Sheekota (barsiisota) | 208 |
| Quraanaa | 247 |
| Tokkummaa | 271 |
| Dimookiraasii | 328 |
| Kitaabolee | 338 |
| Barattoota | 343 |
| Ofiisaroota | 293 |

**Dabalee C**
**Yunvaarsiitii Addis Ababaa**

**Kolleejjii Namoomaa Qo’annoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Sabqunnamtii Muummee**

**Afaan Oromoo Ogbarruufi Fookiloorii**

| Fayyadama Jechoota Faallaa, Moggoofi Jechoota Galumsaa | Fuula |
|---|---|
| (E ) Dhugaa ganamaa | 52 |
| Bishaan hinfuune | 141 |
| Dhiiga dhiigaan | 295 |
| Dugda duuba | 300 |
| Garaa kutan | 315 |
| Injifannoo kottoonfachiisaa | 337 |
| Biyyee nyaachisan | 362 |
| Jala dhaabbannaa | 396 |
| Ofirra dachaasan | 397 |
| (F) Gaddisiisaa-gammachiisaa | 329 |
| Buqqisee,injifataa-boochisee,gammachuu | 363 |
| Lafa furdaa-lafa borqii | 336 |
| Baha-Lixa,Kaaba—Kibba | 366 |
| (G) Saba seera hinqabne-Farda luugama hinqabne | 57 |
| Qaalluu ganamaa- Qaalluu hangafaa | 71 |
| Sodaattuu –lugna | 295 |
| Rukkutuu, cabsuu, garboomsuu | 435 |
| Qixxeeffachiisa | 168 |
| Jiilchaa | 272 |
| Hiraarsitee | 278 |
| Kottoofachiisaa | 337 |
| Dguuguu | 334 |